# Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Qajeelfamoota Feeminizimii

## Kitaaba Leenjifamtootaa

Gumii Waldaalee Dubartoota Itoophiyaa (NEWA) tiif Galii kan Godhame

MAE Consulting PLC'dhaan kan qophaa'e

Nama ilaallatu: Fiqir Shifarraw,
Teessoon: bilbilla: +251-241900 / 0911635165
E-mail: maeconsultingplc@gmail.com
Website: maeconsultancy.com

Fulbaana, 2014
Finfinnee, Itoophiyaa

Qabiyyee

1. Seensa waa'ee Kitaaba Leenjifamtootaa .................... 4
2. Caasaa kitaabichaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
3. Hirmaattota Leenjichaa .................... 5
4. Kaayyoowwan Barumsaa .................... 5

Kitaaba 1: Yaadota Koorniyaa .................... 6
Kaayyoowwan Barnootaa .................... 6

Seensa .................... **Error! Bookmark not defined.**
1.1. Koorniyaa fi Yaadrimeewwan Wal-qabatan .................... 6
1.2. Saala fi Gahee Koorniya .................... 8
1.3. Jibba Koorniyaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
1.4. Jechootaa fi Yaadrimeewwan Koorniyaan Wal-hidhatan .................... 13

Module 2: Koorniyaa fi Misooma .................... 15
Kaayyoowwan Barnootaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
Seensa .................... **Error! Bookmark not defined.**
2.1. Koorniyaa fi Misooma .................... 15
2.1.1. Misooma .................... **Error! Bookmark not defined.**
2.1.2. Dubartootni Misooma Keessatti (WID) .................... 16
2.1.3. Dubartootaa fi Misooma (WAD) .................... 17
2.1.4. Koorniyaa fi Misooma (GAD) .................... 18
2.2. Koorniyaa fi Adeemsaalee Tarsiimoo .................... **Error! Bookmark not defined.**
2.3. Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Sadarkaa Humneessuu .. **Error! Bookmark not defined.**
2.4. Fedhii Tarsiimawaa fi Qabatamaa Dubartootaa Hubachuu .... **Error! Bookmark not defined.**

Module 3: Wal-qixxummaa Koorniyaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
Kaayyoo Barnootaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
Seensa .................... **Error! Bookmark not defined.**
3.1. Wal-qixxummaa Koorniyaa Haala Waliigalaan .................... **Error! Bookmark not defined.**
3.2. Karaalee Walqixxummaa Koorniyaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
3.3. Tooftaalee Walqixxummaa Koorniyaa ittiin Galma Gahan .... **Error! Bookmark not defined.**
3.4. Carraaqqii Walqixxummaa Koorniyaa .................... **Error! Bookmark not defined.**

Module 4: Koorniyaa fi Dhaabbata .................... **Error! Bookmark not defined.**
Kaayyoo Barnootaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
Seensa .................... **Error! Bookmark not defined.**
4.1. Jaarmiyaalee fi Koorniyaa .................... **Error! Bookmark not defined.**
4.2 Barbaachisummaa Bulchiinsa Koorniyaa Simboo Godhate .... **Error! Bookmark not defined.**
4.3 Falaasamoota Jaarmiyaa Koorniyaaf Xiyyeeffanoo Kennu .... **Error! Bookmark not defined.**

4.4 Dhaabbata Koorniyaaf Xiyyeeffannoo Kenne Nuureessuu.......... **Error! Bookmark not defined.**
4.5 Xiinxala Koorniyaa Jaarmiyaa..................................... **Error! Bookmark not defined.**

Module 5: Qajee;famoota Feeminizimii ........................ **Error! Bookmark not defined.**
Kaayyoo Barnootaa ............................................................ **Error! Bookmark not defined.**
Seensa ................................................................................ **Error! Bookmark not defined.**
5.1. Yaadrimee Feeminiizimii............................................. **Error! Bookmark not defined.**
5.2. Garaagarummaa fi Wal-caalmaa Koorniyaa Ilaalcha Feeminiizimiin . **Error! Bookmark not defined.**
5.3. Barsiifama Feemiizimii ................................................ **Error! Bookmark not defined.**
5.4. Adeemsa Feeminiizimii ............................................... **Error! Bookmark not defined.**
5.5. Hubannoo Feeminiizimii Itoophiyaa Keessatti ............ **Error! Bookmark not defined.**
Wabiilee ........................................................................... **Error! Bookmark not defined.**

# 1. Seensa Waa'ee Kitaaba Leenjichaa

Barbaachisummaan inni duraa kitaaba kanaa, waa'ee koorniyaa, walqixxummaa koorniyaa fi adeemsaale feeminizimii irratti dandeettii fi hubanno hirmaattotaa ijaaruu dha. Leenjiin kun hirmaattotni hubannoo barbaachisummaa wal-qixxummaa koorniyaa fi adeemsaalee feeminiizimii akka argatan, akkasumas hawaasa keessa yommuu socho'an dandeettii kana akka fayyadaman ni gargaara.

Barreefamichi moojuloota leenjii fi boqonnaalee dhimma adda addaa kan qabu yemmuu ta'u, kaayyoo, tooftaalee, dheerina, meeshaalee fi yaadannoo leenjisaas of keessaa qaba.

Bu'aalee eggaman

- Hubannoo ifaa waa'ee walqixxummaa koorniyaa fi adeemsaalee feeminizimii, sababiilee dhiiboo, bu'aa fi gosoota, akkasumas Itoophiyaa keessatti haala qabatama rakkoolee kanaa.
- Shoora hirmaattotni wal-caalmaa koorniyaa irratti deebii kennuufi dhimma bahuu irratti taphatan cimsuu.

# 2. Caasaa Barreeffamichaa

Barreeffamichi moojuloota shanitti hirama.

Moojulii 1: Yaadrimeewwan Hundee Koorniyaa

Moojulii 2: Koorniyaa fi Misooma

Moojulii 3: Walqixxummaa Koorniyaa fi Qabiyyeewwan Walqixxummaa Koorniyaa

Moojulii 4: Dhaabaa fi Koorniyaa

Moojulii 5: Barsiifamoota, Qajeelfamoota fi Hojiilee Feeminiizimii

## 3. Hirmaattota Leenjichaa

Barreeffamichi sadarkaa tokkoffaadhaan Itoophiyaa keessatti walqixxummaa koorniyaa mirkaneessuu fi dubartoota humneessuu ilaallatee leenjifamtootni dandeettii barbaachisaa akka argatan gochuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, leenjichi, hubannoo koorniyaa fi qajeelfamoota feeminiizimii fooyyeessuudhaaf; dhaabbilee hawaasa siviilii, waldaalee, sochiiwwan dargaggootaa gugguddatoo, warra dirqama qaban, fi tarsiimoo murteessitoota irratti xiyyeefata.  Qabiyyeewwan ardaa yaadaa kana keessatti tuqaman haala armaan gadiitiin gabaabinaan ibsamanii jiru:

## 4. Kaayyolee Barnootaa

Dhuma moojulii kanaan booda, hirmaattonni qabxiilee armaan gadii ni baru;

- Jechootaa fi qabiyyeewwan koorniyaa fi walqixxummaa koorniyaa
- Koorniyaa fi karaalee misoomaa addaan baasuu
- Koorniyaa karaa illaalata misoomaatiin hubachuu
- Koorniyaa fi adeemsaalee tarsiimoo hubachuu
- Fedhiiwwan tarsiimawoo fi qabatamoo  koorniyaan wal-qabatan hubachuu
- Qabiyyee dursaa walqixxummaa koorniyaa irratti hubannoo sadarkaa duraa argachuu
- Meeshaalee haala walqixxummaa koorniyaa hubachuuf (tools)
- Walqixxummaa koorniyaa galmaan gahuuf carraaqqii barbaachisan hubachuu
- Dhaaba keessatti koorniyaa hubachuu
- Qajeelfamoota feministii fi barsiifamoota walqabatan hubachuu

# Moojuulii 1: Yaadrimee Koorniyaa

## Kaayyoo Barnootaa

*Xumura moojulii kanaan booda,* Saalaa fi koorniyaa ibsuu

Gahee koorniyaa fi koorniya, jibboota koorniyaa, fi dhiibbaalee amala koorniyaa fi sodaalee addaan baastanii hubattu.

## Seensa

Moojuuliin kun ibsa bal'aa saalaa, koorniyaa, gahee koorniyaa, jibba koorniyaa fi jechoota wal-qabatan ilaala.

### 1.1. Koorniyaa fi Yaadrimeewwan Wal-qabatan

### Barruu1.1 Saalaa fi Koorniyaa

***Saalli maalii dha?*** Saala jechuun haala qabatama uumama ilmaan namaa; dhiira fi dhala jechuun ibsuu dha. Akkaataa jenetikii haala qaama namaatiin ibsamu yemmuu ta'u, haala sirraa'aa ta'e fi hin taanee keessatti hin jijjiiramu. Saalli nama tokko dhiira yaakin dhala ta'uu adda baasa.

Amalootni saalaa:

- Addunyaawaa fi uumamaan kan hin jijjiiramnee dha; akkasumas

***Saala jechuun "Haala uumamaa nama tokko dhiira yookiin dhala jechuun akka ibsinu nu gargaaru dha"***

.

***Koorniyaan Maali?*** Koorniyaan gaheewwaniifi hariiroo, amaloota humna fi dhiibbaa hawaasummaa keessatti ijaaramanii hawaasichaan saala lamaaniif kennaman ibsa. Adeemsa hawaasummaa aadaa fi hawaasa tokko keessa jiruun barama. Ijoolleen akka dhiiraa yookiin akka dhalaa akka ta'an ni ni baratu. Haalli kun, jireenya isaanii keessatti, maatii isaaniitiin, barsiistotaan, hariyootaan, aadaa, amantii fi hawaasa isaanitiin itti fe'ama.

Yeroo hunda shoora, carraa qabeenyaalee oomishaa fi mirga murteessuu dubartootaa fi dhiiraa giddu garaagarummaan ni dangeeffama,

Koorniyaan:

- Aadaa irratti hundaa'ee garaa garummaa qabas;
- Amala barumsaan argamuu; fi
- Yeroo hunda jijiiramaaf banamaa dha.

Dhaabbatni Fayyaa Addunyaa (WHO) koorniyaaf haala kanaan hiikkaa kenna::

> *"Amaloota dhiiraa fi dhalaa hawaasaan ijaaraman, kanneen akka safuu, gahee fi walitti dhufeenya garee dhalaa fi dhiiraa. Hawaasaa gara hawaasaatti adda addummaa kan qabu yemmuu ta'u, jijjiiramuus kan danda'uudha.*

Akka ijaarama hawaasaatti, koorniyaan hawaasa adda addaatti garaagarummaa qan qabu yemmuu ta'u, yeroodhaa gara yeroottis jijjiramuu kan danda'uu dha. Akkasumas, sadarkaawwaa kan ta'e fi wal-caalmaalee garaagarummaa dinagdee fi hawaasummaatiin wal-qabatan kan uumuu dha. Addaan ba'iinsi koorniyaa hundeeffate, sababoota addaan baasoo biroo kanneen akka sabaa, sadarkaa hawaasummaa-dinagdee, hir'ina qaamaa, umrii, naannoo jireenyaa, eenyummaa koorniyaa fi haalota saalaatiinis wal-qabata. Kunis "Interseekshiniizim" jedhama.

*Gabatee 1.1. Garaagarummaa Saalaa fi Koorniyaa*

| ***Saala*** | ***koorniyaa*** |
| --- | --- |
| Uumama, kan waliin dhalatan (Dhiira fi dhala – kan waaqni uume)<br><br>*kanaafuu*<br><br>HIN JIJJIIRAMU<br><br>**Fakkeenyaaf**<br><br>1. Dubartoota qofatu ulfaa'anii da'u<br>2. Dhiira qofatu ispermii (firii sanyii) oomish | Kan hawaassummaan ijaaramu; dhalootaan boodah (Dhiiraa fi dubartootni hawaasaan bocamu)<br><br>*Kanaafuu*<br><br>JIJJIIRAMU NI DANDA' A<br><br>**Fakkeenyaaf**<br><br>1. Dubartootni hojiilee dhiiraa hojjachuu ni danda'u, dhiirtis<br>**2.** Dhiirri akkuma dubartootaa ijoollee kunuunsuu ni danda'u |

## 1.2. Gahee Koorniyaa

### Barruu 1.2 Gahee Koorniyaa

***Gaheen Koorniyaa Maali?*** Gaheen koorniyaa hojiilee fi dirqama dhiirrii fi dubartootni akka hojjatan adaa fi siyaasadhaan murtaa'anii dha. Enyumaaleen dubrummaa fi dhiirummaa adeemsa hawaasummaa shooraa murtaa'aa dhiirrii fi dubartootni irraa eegamuuf isaan qopheessuun ijaaramu. Yeroo tokko tokko hojiilee fi dirqamootni kun caasaa mana isaanii, carraa qabeenyaa fi sababiilee dhuunfaa irratti hundaa'u.

*Gaheen koorniyaa* amala, sochii, hojii fi dirqama dhiirrii fi dubartootni hawaasa irraa baranii dha (fakkeenyaaf, nyaata bilcheessuu, da'ima kunuunsuu, galii galchuu fi murteessummaa). *Gaheen koorniyaa*:

- Yeroodhaan jijjooramuu danda'a;
- Umrii, saba, sadarkaa qabeenyaa, aadaa, barnoota, amantaa, teeknoloojii, gosaa fi kan kana fakkaataniin dhiibamuu.
- Jijjiiramni filannoo dhuunfaa, garaagarummaa hawaasummaa ykn siyaasaa, balaa uumamaa fi waldhaba irratti hundaa'a.

Gabatee 1:2 Saali fi Koorniyaa

| Saala | Koorniyaa |
|---|---|
| • *Dhalootaan argama.*<br><br>• *Bakka hedduuti kan hin jijjiiramne fi Kan murtaa'e dha. Sadarkaawaa miti* | • *Aadaa ykn hawaasummaan ijaarama*<br><br>• *Hawaasummaan barama. Kanaafuu jijiiramaa dha. Yeroodhaan ykn aadaarraa aadaatti, maatiidhaa maatiitti adda adda ta'uu danda'a. Sadarkawaa dha.* |

**Gaheewwan sadan dubartootaa:**

Gahee koorniyaa isaanii irratti hundaa'un shoora gosa saditu dubartootaaf ramadamu: maqaadhaan

I. **Gahee oomishtummaa (Productive roles):** maatii isaanitiif qabeenya argamsiisuu fi maallaqaan deeggaruu;

II. **Gahee wal-hormaataa (Reproductive roles):** gahee wal-horuu fi kunuunsuudhaaf irraa eegamu, kan nageenya jiruuf jireenya idilaawaa maatii sanaa murteessu.

III. **Gahee hawaasaa (Community roles):** hojiilee tateewwan hawaasummaa gargaaruuf hojjataman fi tajaajiloota sadarkaa hawaasaa.

## 1.3. Jibba Koorniyaa

Barruu 1.3. *Jibba Koorniyaa*

-

**Jibbootni koorniyaa** amantaalee amala dhiiraa fi dhalaa ilaalchisee cimanii argamanii fi kan akka laayyootti ilaalamanii dha. Tilmaamotni kun, namni tokko maal akka fakkaatu murteessuudhaan wal-caalmaa kan fidaniidha.

Fakkeenyaaf:

- Dhiirti jabaa dha, dubartiin laafaadha;
- Dubartiin miira isheen dursamti, dhiirri murtii barbaachisaa fi qabatamaa murteessa.

*Jibbi koorniyaa tilmaamota wal-caalmaa fidan jajjabeessa. Jibbi koorniyaa haala namni tokko qabaachu qabu sarara, akkasumas filannoo jireenyaa namootaa fi carraale isaanii muraasessa: dubartii, dhiira, intala, ilma. Mirgoota namoomaa ni haqu.*

### Table 1:3 Jibboota Koorniyaa Saaxilamoo

| Dhiirummaa | Dubrummaa |
|---|---|
| • Dallansuu kan qabu<br>• Waan haaraa kan yaalu<br>• Wanta raawwachuu barbaadu kan raawwatu<br>• Humna kan qabu<br>• Kan tasgabbaa'e | • Ajajamtuu<br>• Morma cabsattuu/sodaattuu<br>• Suuta<br>• dhadhabduu<br>• kan hin tasgabboofne |

## Jinnoota Koorniyaa fi Dhiibbaa Amalaa

Jibbootni koorniyaa amaloota dhiiraa fi dhalaa irratti dhiibba qabu, garee hawaasaa humna xiqqaa akka qabu godhame (dubartoota) irratti balaa qaba. Fakkeenyaaf, jibboota koorniyaa walitti dhufeenya saalaa waliin walitti qabnee, akkamitti garee hawaasaa humna xiqqaa (dubartoota) miidhuu haa ilaallu.

### Gabatee 1:4 Dhiibbaa Amalaa Jibbaa

| Dallansuu kan qabu – wanta haaraa kan yaalu | Sodaattuu – suuta |
|---|---|

| Amaloota: | Amaloota: |
|---|---|
| ➢ Hariyoota wal-qunnamtii saalaa hedduu horata. Wal-qunnamtiicha olaantummaan to'ata.<br>➢ Ishee to'achuudhaaf miidhaa qaamaa ykn xiin-sammuu geessissuu danda'a.<br>➢ Dhiibbaa geessisuuf ykn amansiisuuf qarshii dhiheessuu danda'a. | ➢ "Hin ta'u!" jechuu ni sodaatti<br>➢ Walitti dhufeenya keessatti yaada walii-galtee dhiheessuu hin dandeessu. Waa'ee wal-qunnamtii saalaa fayyaalessa dabalatee.<br>➢ Baasii maatiif ykn barnootaaf qarshii saxilamuu danda'u. |

- Rakkoon isaa dhiirrii/dubartiin fi ilmi/intalli uumamaan garaagara ta'uu isaanii miti; rakkoon isaa hawaasni garaagarummaa kana irratti hundaa'ee isaan madaaluu isaati.
- Jibbi koorniyaa wal-caalmaa dhiiraaf dhalaa hawaasa keessa jiru ni jajjabeessa. Wal-gituu dhabuun humnaa koorniyootaa, wal-caalmaa koorniyaa fi dhiibamuu sadarkaa hundatti jajjabeessuun jijjiirama dubartoota biyyaa ni falleessa.
- Wal-qixxummaan koorniyaa saalli lamaanuu bilisa ta'anii dandeettii dhuunfaa isaanii akka guddisan fi filannoo walabaa akka godhan barbaada.

## Jibbi Koorniyaa Dhiiraaf Akkamitti Gufuu ta'a?

- Qophaa ofii madda galii maatii tokkoo ta'uun dhiibbaa fi cin qii sammuutiif sababa ta'a. Keessattuu abbaan manaa harka qalleessa yoo ta'ee fi hojii argachuun itti ulfaata taanaan baay'ee cinqisiisa.
- Miirri cinqamuu ammo gara dhiboo qaamaa fi amaloota rakkisoo (kanneen akka dhugaatii) fi lubbuu of balleessuuti nama geessa.
- Dhiirri wanta itti dhagahamu ifa akka baasan hin barsiifamne, kanaafuu akkaataa miira isaani ittiin baafatan hin qaban. Yeroo gaddaas cimoo akka ta'an irraa eegama, fakkeenyaaf miseensi maatiille yemmuu boqatu.
- Wal-dhabbii ykn jeequmsa keessa hirmaachu barbaadhuu dhabanis, fedhii hawaasaa guutuuf akka hirmaatan dirqamuu danda'u.
- Abbootiin warraa, fedhii isaanii malee haadha manaa isaaniin ala hariiroo akka qabaatan dhiibbaan irra gahu danda'a.

- Dhiirri hariiroo saal-qunnamtii hedduu akka qabaataan dirqamuu danda'u, kunis lakkoofsa dhiiraaf dubartii dhiboo 'HIV' fi dhibee wal-qunnamtii saalaatiin daddarbaniin qabaman ni baay'isa.
- Gaheen koorniyaa, shoora abbaan mana keessa qabu muraaseessuun mirgoota abbummaa kanneen akka hariiroo abbaaf ilmaaniitiin akka hin fayyadamne dhorkuu danda'u.
- Dhiirri ulaagalee hawaasni kaa'u, kanneen akka guddaa, jabaa fi abbaa humnaa hin guutne hawaasa keessatti bu'a qabbeessummaan itti hin dhagahamu.

## Jibbi Koorniyaa Akkamitti Dubartoota Miidhu

Dubartootnni ajajamtoota akka ta'an barsiifamu, kunis dhimmoota armaan gadii jiruu dhuunfaa isaanii keessatti fiduu danda'a:

- Saaxilamtuu miidhaa koorniyaa fi saala irratti hundaa'e (SGBV) ta'uu
- Wal-qunnamtii saalaa yoom, akkamittii fi eessatti raawwachu akka qaban murteessuu dhabuu
- Wal-qunnamtii saalaa hin barbaadamne 'hin ta'u' jedhuuf humna dhabuu
- Dirqamaan wal-qunnamtii saalaa adeemsisuu
- Murtii kennuu keessatti hirmaachuu fi wanta sammuu isaanii keessa jiru dubbachuu dhabuu
- Wantoota 'dirqama' ishee ta'an, miidhaa qabaatuus, ishee xiqqeessuus, xiin-sammuu ishee miidhanis hojjachuu
- Dubartootni barumsa isaanii akka galmaan hin geenye dhorkamuu danda'u
- Dubartootni hojii akka hin barbaadne dhorkamuu danda'u
- Erga yeroo tokko hojii qaxaramanis, hojii isaanii irratti oto hin ta'iin manaa irratti akka xiyyeeffatan itti himama.
- Dubartootni namoota biroof dursa akka kennann waan leenjifamaniif dandeettii isanii dhumaa irratti hin ga'an.
- Dubartootni hojiilee mana keessaa fi dirqama da'imman kunuunsuu waan qabaniif oolmaan isaa baay'ee dheeraa fi ulfaataa dha.
- Dubartootni hin heerumne/da'ima hin godhanne ni qeeqamu, akka safuus

ilaalamu.

## 1.4. Jechootaa fi Qabiyyeewwan Koorniyaan Wal-qabatan

### Barruu 1.4 hiikawwanii fi qabiyyee koorniyaan wal-qabatan

Qabiyyee koorniyaan wal-qabatan hubachuun, tarsiimolee fo karaa wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuutti akeekan hubachuuf tarkaanfii jalqabaati. Gabateen armaan gadii jechootaa fi qabiyyee furtuu ta'an gabaabsee dhiheessa.

*Gabatee:4: Hiika jechootaa*

| Qabiyyee | *Hiika* |
|---|---|
| Saala | *Garaagarummaa uumama dhiiraaf dhalaa, kanneen akka dubartiin da'ima garaatti qabatte da'uu, dhiirri ispermii oomishuu jiran ibsa. Gaheen saalaa addunyaawaa dha.* |
| Koorniyaa | *Hariiroo hawaasummaa dhiiraaf dhalaan gidduu jiru ibsa. Hawaasaan kan ijaaramu ta'ee, walitti dhufeenya dhiiraaf dubatoota gidduu jiru ibsa. Gaheen koorniyaa kan yeroodhan jijjiramuu danda'anii dha.* |
| Koorniyaa Idileessuu | *Sadarkaalee adeemsa misoomaa, piroojektoota, sagantaalee fi seera keessatti dhiiraa fi dubartootni qabeenya, murtee kennuu fi bu'aalee misoomaa fayyadamuuf carraa wal-qixaa argachuu isaanii mirkaneessuu dha.* |
| Hubannoo Koorniyaa | *Barmaatilee hawaasa keessatti baraman irratti hundaa'ee, dhiiraa fi dhalaa gidduu garaagarummaan carraa qabeenyaa jiraachuu isaa hubachuu dha. Beekumsi kun karaa xiinxala siyaasaatiin piroojektoota, sagantaalee fi tarsiimoo keessatti hojiirra ooluu qaba.* |
| Koorniyaa Fuulleeffachuu | *Dandeettii adda addummaa, wal-caalmaa fi dhimmootaa koorniyaa hubachuu fi beekamtii kennuu, kanas sochiillee fi tarsiimoo waliin wali-hidhachiisu dha.* |
| Wal-qixxummaa Koorniyaa | *Raabsaa qabeenyaa wal-qixxaataa fi fayidaalee akkasumas tajaajiloota argachuuf nama tokko saala isaa irratti hundaa'anii carraalee irraa hambisuun yemmuu hafu.* |
| Madaalawummaa koorniyaa | *Raabsaa faayidaalee fi dirqamoota dhiiraa fi dhalaa gidduutti haqummaa fi madaalliin akka jiratu barbaada. Qabiyyeen kun dhiirrii fi dubartoonni fedhiifi dandeettii adda addaa akka qabaniifi addaa addummaan kunis wal-* |

| | |
|---|---|
| | *caalmaa jiru kana haala sirreessuu danda'uun beekamuu fi hojjatamuu akka qaban ibsa.* |
| Gochoota Hirphaa (Affirmative action) | *Badii fi addaan baasuu yeroo duraa raawwataman furuuf fi carraan wal-qixxaa'aa dhiiraafi dhala akka umaamu tarkaanfilee addaa yeroodhaaf fudhatamii dha.* |
| Gahee Koorniyaa | *Barmaatiilee hawaasa/ummata yookin garee addaa tokko keessatti hujiiwwan, sochiilee fi dirqamoonni kan dhiiraa fi kan dhalaa jedhamanii yemmuu hiraman. Gaheen koorniyaa umrii, sadarkaa, saba, gosa, amantaa, akkasumas haala dinagdee, siyaasaa fi argama lafarraa irratti hundaa'a. jijjiiramni gahee koorniyaa yeroo baay'ee, jijjiirama dinagdee, haala siyaasaa, naannoo uumamaa fi misooma wajjiin wal-qabata. Dhiiraafi dubartootni, hundi isaani hawaasa keessatti shoora guddaa taphatu.* |
| Fedhiilee Koorniyaa | *Dhiirrii fi dubartootni koorniyaa isaanii irratti hundaa'ee akkuma shoora garaa garaa qaban fedhii koorniyaa adda addaas ni qabaatu. Fedhiiwwan kunis tarsiimawaa yookin qabatamoo jedhamanii qoodamuu danda'u,* |
| To'annaa fi itti fayyadamiinsa | *Gaheewwan oomishtummaa, wal-hormaataa fi gaheen hawaasaa itti fayyadama qabeenyaa barbaadu. Walumaagalatti dhiiraa fi dhalaan dhiheessa (carraa wanta tokko faayida qabeessa gochuu) fi qabeenya hojii isanitiif barbaachisu to'achuu (fayidaa isaatiif hiikkaa kennuu fi kanas namoota biraatti dabarsuu) irratti mirgaa sadarkaa adda addaa qabu.* |
| Adda baasa Koorniyaa | *Koorniyaa namootaa irratti hundaa'un adda baasuu yookin karaa gaarii hin taaneen keessumeessudhaan mirgoota, carraalee ykn qabeenya isaa dhorkuu dha. Dhaabbilee keessatti aangoo fi qo'annaa qabeenyaa dhorkamuun dubartootaa adda-baasa kanaratti hundeeffama. Kunis mana, hawaasaa, gabaa, mootummaa fi kkf. Keessatti.* |
| Lagannaa Koorniyaa | *Bu'aalee hawaasummaa sagantaalee fi tarsiimo irratti dhiibbaa fidan keessaa koorniyaan is barbaachisaa ta'uu isaa hubachuu dhabuudha. Adeemsi kun piroojectoota, sagantaalee fi tarsiimoo keessatti koorniyaan haal-duree barbaaachisaa akka hin taanetti yaada.* |
| Koorniyaa humneessuu | *cunqurfamuu dubartootaa irratti hubannoo fi dandeettii mormuu namoonni dhunfaa fi garee qaban guddisuun, adeemsa "jalaa-olee" hubannoo hariiroo humna koorniyaa tarkaanfachiisuu dha. Humneessuun al tokko tokko dandeettii filannoo jedhamee ibsama, haata'u malee wantoota* |

| | |
|---|---|
| | *filannoof dhihaatan bifa qabsiisuus of keessaa qabachu qaba. Wanti gama tokkoon akka humneessuutti ilaalamu gama biraatiin ta'uu dhabuu danda'a.* |
| **Feeminiizimii** | Salphumatti feeminiizimiin ilaalcha koorniyaan lamaan mirgaa fi carraa wal-qixaa akka qaban akeeku dha. Dhimmi isaa waa'ee muuxannoowwan adda addaa dubartootaa, eenumaa isaanii, beekumsaa fi jabina isaanii kabajuu fi dubartootni hundi mirga isaanii guutuu akka mirkaneeffatan humneessuu dha. Dirree wal-morkii koorniyaalee gidduu jiru wal-qixxeessuu fi jiruu keessatti dubartootni carraa dhiiraan wal-qixaa akka qaban mirkaneessuu dha. |

# Moojulii 2: Koorniyaa fi Misooma

## Kaayyoo Barnootaa

Erga moojulii kana xumurtanii booda, kanneen armaan gadii ni bartu.

- *Koorniyaa adeemsa misoomaa keessaa ibsuu*
- *Koorniyaa fi adeemsa misoomaa addaa keessatti ibsuu*
- *Fedhiilee qabatamoo fi tarsiimawoo koorniyaan wal-qabatan hubattu*

## Seensa

Boqonnaan kun hubannoo hundee misoomaa fi hubannoo koorniyaa misoomawaa jabana adda addaa uwwisa. Moojuulichi koorniyaa poolisiiwwan adda addaa keessatti, adeemsota, qabiyyee fi fedhii qabatamoo fi tarsiimawoo calaqqisa.

## 2.1. Koorniyaa fi Misooma

Barruu 2.1 koorniyaa fi misooma

### 2.1.1. Misooma

Yaadrimeen misoomaa yeroodhaa gara yerootti dagaagaa dhufeera. Akka walii galaatti; sadarkaa barnootaa, fayyaa, oomishtummaa, hawaasummaa fi siyaasaa ummata ofii jajjabeessudhaan, jiruu ummata biyya tokkoo jijiiruu fi humna dinagdee biyya tokkoo dagaagsuun Jirriirama guddataa, kan hunda fayyadu argamsiisuu

jedhamee hiikama. Haala kana keessatti, dhimmi koorniyaa utubaa ijoo jijjiirama hawaasaa ta'ee yaadama.

Misoomni koorniyaaf beekkamtii kennuudhaan, haala armaan gadiitiin wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf fi guddhina dinagdee jajjabeessa

1. **Jijjiirama hawaasumma fida**: carraa fi itti fayyadama dhiiraa fi dubartootaafille uumuun – misooma hawaasummaa madaalawaa argamsiisuu
2. **Guddina biyyaa**: misooma biyyaatiif dandeettii guutuu ummata walakkaa (dubartoota) ifatti baasuu

Akka jecha Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniitti, "kaayyoon dhumaa misoomaa, fooyya'insa nageenyummaa namoota dhuunfaa fiduu fi hundaaf bu'aa buusuu dha." Gaaffiin inni guddaan akkaataa kamiin misoomni Addunyaa Sadaffaaf fidamaa dha. Haala kanaan, barootaa misoomaa keessatti adeemsotaa fi yaad-rimeewwan dubartootaa fi misoomaa adda addaatu argamu, gamisni haala armaan gadiitiin ibsamanii jiru:

### 2.1.2. Dubartootni Misooma Keessatti (WID)

1970'n keessatti dubartootni misooma keessaa dhorkamuun isaanii ifatti mul'achuu jalqabe. Misoomarraa fayyadamoo hin turre, bakka tokko tokkotti immoo sadarkaa fi iddoon hawaasa keessatti isaaniif laatame, sababa misoomaatiin hammaataa ta'aa ture.

WIDiin adeemsa misoomaa keessaa dhorkamuu dubartootaa akka rakkootti ilaaluudha. Haala walii galaan, fedhii qabatamaa koorniyaa dubartootaa irrati hundaa'ee, fedhii dubartootaa ni xiinxala, ni karoorfata.

Kophaatti, dubartoota irratti xiyyeefata, akkasumas misooma keessatti hirmaannaa dubartootaa kaayyeefata, haa ta'u malee akka yaada dubartootni misooma burgaa keessaa ala ta'anitti yaaduun gara misooma amma jirutti isaan makuuf yaalutti bu'aa hirmaannaa dubartootaa irratti dirqama hin xiyyeefatu.

Tooftaaleen walti makuu kun piroojektoota dubartoota xiyyeefatoo hojiirra oolchudhaan, baay'inaan dhimmoota dubartootaa fi sagantalee walqabatoodhaan.

WIDiin yeroo baay'ee fayyaa/nageenya, akkasumas sagantaalee fi hojii xixxiqqoo galii argamsiisoo kan gahee wal-hormaataa dubartootaaf deebi'anii tajaajilan irratti hundaa'a,

Adeemsi WID, dhimmoota dubartootaatiif deebii kennuu karoorfatee, sadarkalee guddinaa adda addaa shan keessa qaxxaamura: fayyummaa, haqummaa, farra-hiyyummaa, dhama'uu fi humneessuu.

Adeemsi WID dubartootni misooma keessatti akka hammataman fedhii uumus, caasaaleen hawaasummaa fi dinagdeen dubartoota hammachuu malan akka jijjiiraman waamicha hin dhiheessu. WIDiin walcaalmaa dhiiraafi dhala gidduu jiran irratti fuulleefachuun walcaalmaa hawaasummaa, aadaa, seeraa fi dinagdee fi sababoota walcaalmaa kanaa irra darba. WIDiin kophaatti dubartoota irratti, akkasumas dubartootni dubartootni misooma isa guddaa irraa dhorkamuu isaanii irratti xiyyeeffata.

### 2.1.3. Dubartootaa fi Misooma (WAD)

Adeemsi Dubartootaa fi Misoomaa (WAD) komiilee Dubartoota Misooma Keessatti (WID) irratti hundaa'uun dhumaa baroota 1970n keessatti biqile. Adeemsa Markisiist Feeminist irraa waraabuun, qabxiin morkaa WAD inni jalqabaa, dubartootni yeroo hundumaa qaama adeemsa misoomaa turuu isaanii ture. WADiin dubartootni yeroo hunda taphattootaa ijoo dinagdee ta'uu isaaniitti sarara. Hojiilen mana keessaa fi alatti dalagan marti ijaarama hawaasaatiif utubaa dha. Haata'u malee, walitti dhufeenyi kun walcaalmaa hundataa cimsuuf qofa tajaajile. Kanaafuu adeemsi Dubartootni Misooma Keessatti (WID) dubartoota misooma keessatti hirmaachisuu irratti xiyyeeffatu dogongora ta'e.

Itti fufuun WAD, tarsiimolee dubartoota hirmaachisoo irratti qofa osoo hin ta'iin, walitti dhufeenya dubartootaa fi adeemsa misoomaa irratti xiyyeeffata. WAD sababa miidhaa sadarkaa jireenyaa fi tamsaasa qabeenyaatiin kan ka'e dubartootnii fi dhiirri illee caasaa dinagdee addunyaa irraa fayyadamuu akka hin dandeenye hubata.

Kanaafuu WAD, dubartoota misooma keessatti hirmaachisuun walcaalmaa jiru cimsuun miidhama isaanii qofaaf fayyadu isaa morma. WAD walcaalmaalee addunyaawoo akka rakkoo sadarkaa tokkoffaa biyyoota hin guddaneetti fi lammilee isaanii ilaala.

Yaada dubartootni gahee walhormaata qofa osoo hin ta'iin gahee oomishtummaalle qaban jedhu guddisuu irratti WAD hedduu amanamaa ture. Misoomni dubartootaaf hiikkaa akka qabaatu, gaheewwan kun lamaanuu beekamtii argachuu qabu. WAD caasaaleen idil-addunyaa yemmuu madaalawaa ta'an, iddoon dubartootni qaban ni fooyya'a jedhee amanuu isaatiin qeeqamaa tureera. Kana keessatti caasaa idil-addunyaa fi walcaalmaa sadarkaalee jiran keessatti, sadarkaan dubartootaaf laatamu isa xiqqaa akka ta'e ilaala. kanaafuu, dagaagina dubartootaa xiqqeessee ilaaluun of keessatti shoora dhiirummaa taphachaa tureera. Gaaffii hawaasummaa hariiroo dhiiraaf dhalaa fi dhiibbaa misoomarratti qabu haalaan deebii hin ilaalu.
Sadarkaa yaadrimeetti ta'ullee, WAD, sadarkaa jireenyaa, wixinee fi hojiirra oolmaa piroojekttootaa irratti ciminaan xiyyeeffata; akka WID wantoota biroo kanneen akka qoodama sadarkaa irratti otoo hin bu'ureeffatiin ramaddii irratti hundaa'ee dubartoota gurmeessuu isaa ni mormama.

### 2.1.4. Koorniyaa fi Misooma (GAD)

Bara 1980'n keessa, yaadotni muuxannoo misoomaa dubartootaa irratti calaqqifaman "Koorniyaan fi Misooma" (GAD) akka dhalatuuf sababa ta'an. GAD walitti qabamuu yaadota feemistii adda addaa bakka bu'a. Hanqinootaa fi barnoota WID fi WAD irraa baraman walitti fiduun isaa barbaachisaa ta'e.
GAD dhiibbaa misoomni dhiiraa fi dhala irratti geessise mil'ata. Dhiirrii fi dubartiin bu'aalee misoomaa irratti wal-qixa akka hirmaatan mirkaneessuu barbaada. Akkasumas bu'aalee fi to'annaa irratti xiyyeeffata. Dubartootni misooma irratti hirmaachuu fi garuu bu'aa isaa qoodachuu dhabuu akka danda'an ni beeka. GAD dubartoota irratti qofa hin xiyyeeffatu, garuu hariiroon koorniyaa gaheewwan, dirqamootaa fi eegumsa dhiiraa fi dhala irratti tokko tokkoon akkam akka ramadu, yeroo baay'ees miidhama dubartootaatiif beekamtii kenna.

Kanaafuu misoomni waa'ee jijjiiramoota barbaachisoo fi gad-fagoo hariiroolee wal-caalmaa koorniyaa hawaasa keessa jiranii ti. Adeemsi kun, cunqurfamuu dubartootaa maatii keessaa fi 'iddoo dhuunfaa' jiruu dubartootaatiif xiyyeeffannoo duraa kenna. Kanaanis, piroojektootni dhimmoota akka miidhaalee dubartoota irratti gaggeefamanii irratti hojjatan dagaagaa dhufanii jiru.

GAD hariirolee hawaasaa ykn koorniyaa (kan akka qoodama humna namaa) dhiiraa fi dhala xiyyeeffachuun, dhimmoota dhiheessaa fi to'annaa qabeenyaa fi humnaa furuu barbaada. Adeemsi GAD qoodiinsi humna namaa koorniyaa hawaasaa dubartootaaf "gahee sadee" kennuu isaa ni hubata.

Qoodiinsi humna namaa koorniyaa irratti hudaa'e hawaasarraa hawaasatti, aadaarraa aadaatti garaagarummaan adeemsifama, akkasumas jijjiiramuu danda'a. Akkaataan gaheewwan kun ittiin xiinxalaman fi madaalaman, sagantaaleen misoomaa dhimmoota kamiif dursa akka kennuu qaban murteessuu irratti dhiibbaa qaba. Fakkeenyaaf, imaammatni kunuunsa ijoollee warren dhiiraa misoomaaf karoorfataniif dhimma ijoo hin ta'u, haa ta'u malee, dubartootni misooma irraa faayidaa argachuu isaanii mirkaneessuuf qabxii baay'ee barbaachisaa dha.

Adeemsaalee biroo waliin wal-bira qabamee yemmuu ilaalamu, GADiin gaheewwan wal-hormaataa fi oomishtummaa dubartootaa lamaanuu irratti xiyyeeffachuun adeemsaalee biroo irraa sadarkaa tokko dursa, gahee hawaasummaa wal-hormaataa ijoollee kunuunsuu fi guddisuu yeroo hedduu dubartootaan raawwatamu deeggaruun dirqama mootummaa ta'uu isaa akeeka. Gama isaatiin, misoomni adeemsa wal-xaxaa mootummaa ykn sadarkaa guddinaa caala sababoota siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdeetiin kan dhiibamu ta'uu isaa addatti ilaala. kanaafuu, misoomna akka gaarummaa/dagaagina dinagdeetti ilaaluun gamatti garummaa/dagaagina sammuu fi hawaasummaa nama tokkoo ta'uu isaa hubata.

GAD qajeelfaamootaa fi sochiile sadan kana irratti hundaa'a:

1. Jijiirama hariiroo koormiyaa;

2. Dhiiraa fi dhala wajjiin haala hirmaachisuun hojjachuu- fooyya'iinsa hariiroo koorniyaatiif dhiiraaf dhala waan barbaaduuf hirmaannaa dhiiraa mirkaneessuu
3. Ilaalcha hariiroo koorniyaa bal'aa fi seenaa keessatti himamaa ta'e kaasuu, -hariiroon koorniyaa halkan tokko keessatti kan hin uumamnee fi hin dagaagne ta'uu ilallata

Adeemsi GSD karoorfachuu, hojiirra oolchuu, to'achuu fi madaaluun akkaataa armaan gadii keessa akka ta'an jajjabeessa
:

- Work on more than one level (practical and strategy needs) to bring about change in gender relations;
- Work in a participatory way with men and women and make sure ,men are involved, as it takes men as well as women to change gender relations;
- Take a broader, historically-informed view of gender relations and its social context that it hadn't grown up yesterday, nor will it be changed overnight.

Gaaffilee ijoo:

- Sagantichi qophii wixinee sagantaa isaa keessatti dhiiraafi dhalaa bal'inaa fi gad-fageenyaan hirmaachisee jiraa?
- Sagantichi wal-caalmaa humnaa dhiiraafi dhala giduu jiruuf beekamtii fi furmaata ni laataa?
- Sagantichi fedhii koorniyaa tarsiimawaa fi qabatamaa dubartootaa simachuuf yaalii ni godhaa?

### Gabatee 2.1: WID fi GAD –GARAAGARUMMAA ISAANII

| Haal-dureewwan | Dubartootni Misooma Keessatti (WID) | Koorniyaa fi Misooma (GAD) |
|---|---|---|
| **Adeemsa** | Adeeemsa hanqina hirmaannaa dubartootaa akka rakkootti ilaalu | Adeemsa gara misoomaa ummata bu'ureeffatee |
| **Xiyyeeffannaa** | Dubartoota | Hariiroo dhiiraa fi dhalaa |

| | | |
|---|---|---|
| **Rakkoo** | Adeemsa misoomaa irraa Dhiibamuu dubartootaa (walakkaa humna oomishaa) | Hariiroo wal-caaloom(dhiiraa fi dhalaa/ dureessaa fi hiyeessaa) kan guddina madaalamaa fi hirmaannaa guutuu dubartootaa dhorku |
| **Kaayyoo** | Guddina irra caalmaan bu'a qabeessa ta'e More efficient, effective development | Misooma madaalamaa itti fufinsa qabu, kan dhiiraa fi shalaan humnaa fi murteessummaa walqixaa qabaatan |
| **Furmaata** | Caasaalee jiran keessa dubartoota hirmaachisuu | Garee miidhaman fi garee dubartootaa humneessuu, hariirolee fi caasaalee walcaalmaa fooyyeessuu<br>Fedhii qabatamoo dhiiraaf dhalaa haala isaanii jijjiiruuf kawwataniif beekamtii kennuu, tarkaanfii fudhachuu |
| **Tooftaalee** | • Piroojektoota dabartoota qofaa<br>• Piroojektoonni dhimmoota dubartootaa hammatan, oomishtummaa dubartootaa guddisu<br>• Galii dubartootaa guddisuu<br>• Dandeettii mana bulchuu dubartootaa guddisuu | • Yeroo walfakkaatutti fedhii tarsiimawaa dubartootaafi dhiiraaf deebii kennuu<br>• Misooma namummaa hundeeffateen fedhii tarsiimawaa harka-qalleeyyiif dhaqqabuu<br>• |

## 2.2. Koorniyaa fi Adeemsaalee Tarsiimoo

### Barruu 2.2. Koorniyaa fi Adeemsalee Tarsiimoo Wal-qixxummaa Koorniyaaf

Baroota keessatti, adeemsi qabatamaa gufuulee misoomaa dubartootaan wal-qabatan, sababa qeeqaatiin akkasumas jijjiiramoota hubannoo misooma dubartootaatiin wal-qabataniin kan ka'e jijjiiramaa dhufaniiru. Adeemsaaleen kunniin akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

1. **Adeemsa Fayyummaa/Nagummaa**

Hanga jalqaba 1970niitti, ajandaaleen misoomaa fedhiilee dubartootaa guutummaan guutuutti gaheelee wal-hormaataa isaanii irratti hundaa'anii tuqaa turan. Xiyyeeffannaan kan ture fayyaa haadhaa fi da'imaa, kunuunsa da'imaa fi nyaata irratti ture. Sababa walitti dhufeenya baay'ina ummataa fi hiyyummaa irraan kan ka'e, to'annaan lakkoofsa ummataa - boodaratti qusannaa-maatii kan jedhame-xiyyeeffannaa isa jalqabaa ture. Xiyyeeffannaan ifatti fedhiilee qabatamoo guutuu ture. Akkasumas tarsiimoleen misoomaa babal'oo gama amayyummaa fi dagaagina ta'an, gara harka qaleeyyiitti gad nib u'u jedhamee waan yaadamuuf, haalli dinagdee yemmuu fooyya'e, dubartoonni harka qaleeyyiis ni fayyadamu jedhamee yaadama. Haa ta'u malee, yaadni iddoon dubartootni qaban fooyya'iinsa dinagdeetiin wal-qabatee, yookin ammo fooyya'iinsa iddoo abbaa warraa isaanitiin wal-qabatee fooyya'uu danda'a jedhu, dubartootni sagantaalee misoomaa irraa fayyadamoo akka hin taane waan ifa ta'aa dhufeef mormiin itti dhufuu eegale.

Kanaafis, dubartootni akka boodatti hafootti ilaalamaa turan, dhiirri ammo akka ammaya'oo fi tarkaanfatootti ilaalamuun isaani cimaa dhufe. Dhiirri sagantaalee misooma dinagdee, kanneen akka beeksisa midhaan omishaa fi teknoloojii qonnaa haaraat dubartoota hion hirmaachifneen deeggaramu.

2. **Adeemsa Madaalawummaa (The Equity Approach)**

Wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf dandeettiim sochii feeministii, adeemsa madaalawummaatiif bu'uura ture. Kaayyoon isaa inni tokkoffaan adda-baasoo dhabamsiisuu ture. Adeemsi madaalawummaa, gatii hirmaannaa dubartootaatiif fi qooda fayyadama misoomaatiif beekkamtii ni kenna. Adeemsi kun gahee oomishtummaa fi gahee walhormaataa dubartootaatiifis beekkamtii kenna. Hirmaannaa fi bu'aa qooddachuuf gatii kennuuf xiyyeeffannoo kennuu jechuun, adeemsichi madaalawummaa fiduuf dhimmoota seeraa fi tarkaanfilee seeraa illalata jechuu dha.

Faallaa adeemsa nagummaatti, adeemsi madaalawummaa dubartootni hirmaattota si'aawoo misoomaa kan jijjiiramoota barbaachisoo fidan ta'uu isaanii ilaala.

3. **Adeemsa Farra-hiyyummaa:** Adeemsi kun, gahee oomishtummaa fi wal-hormaataa dubartootaa irratti xiyyeeffachuun, oomishtummaa fi guutamuu fedhiilee dubartootaatiif iddoo kenna. Adeemsi ijoon barbaachisu, carraalee galii uumuu fi qacarrii kaffaltii mijeessuu dha, kanaanis hojiileen galii uumuu (income-generating activities (IGAs)) xiyyeeffannaa argataniiru. Haa ta'u malee, fulleeffannaan adeemsa kanaa fedhiilee tarsiimawoo dubartootaa cinaatti dhiibuun fedhiilee bu'uuraa jajjabeessuu ture.
4. **Adeemsa Dandeettummaa (The Efficiency Approach):** Adeemsi dandeettummaa, dubartoota akka jojjataatti kayyeeffata. Akkasumas bu'aa jijjiiramoota dinagdee Fandii Maallaqa Addunyaa (IMF) fi Baankii Addunyaa 1980nii, kan Sagantaalee Sirreessa Caasaa (Structural Adjustment Programmes) jedhamuun beekamaniiti. Kaayyoon isaa fayyadama guutuu humna namaa irratti xiyyeeffachuun, omishtummaa fi guddina dinagdee dabaluudha. Kanaafuu barnootnii fi leenjiin maloota ijoo dha.

Deeggartootni adeemsa kanaa, xiinxalli koorniyaa dhandhama dinagdee gaarii uuma jedhanii mormu. Advocates of this approach argue that gender analysis makes good economic sense. Kunis, gahee fi dirqama dhiiraa fi dhalaa akka qaama karoora hojiilee misoomaatti hubachuun, dandeettii dhalaa fi dhiiraa fooyyeesuudhaaf akka fayyaduu fi misooma biyyaa keessatti gahee isaanii akka taphatan waan dandeessisuuf.

Adeemsi dandeettii dhimma dubartootaa fi koorniyaa misooma ijoo keessatti xiyyeeffana akka argatan gochuu irratti milkaa'era. Kuni garuu, wanta misoomni dubartootaaf argamsiisu osoo hin ta'in wantoota dubartootani misoomaaf argamsiisan irratti xiyyeeffachuun argame.

5. **Adeemsa Aangeessuu (The Empowerment Approach):** Adeemsi aangeessuu, of-danda'uu dubartootaa dabaluu fi jijjiirama tarsiimoo, seera, hawaasummaa, dinagdee fi sadarkaalee biroo irratti faayidaa isaanitiif dhiibbaa uumuu akka danda'an gochuu kaayyeeffata. Qabxiin wabii isaa inni bu'uuraa gahee dubartootaa 'gahee-sadee' ta'ee, carraa murtee kennuu dubartootaa irratti xiyyeeffata. Tarsiimoon isaa inni tokkoffaan hubannoo guddisuu ta'ee, dubartootni jijjiirama adeemaa jiru keessatti hirmaattota ihoo akka ta'an iddoo qabsiisa. Dandeettii dhaabaa fi of-dandeettummaa ijaaruun amala ijoo adeemsa humneessuuti.
   Adeemsi humneessuu, dubartootni fedhii isaanii ofii isaaniitiin akka murteessan carraaleen uumamuu isaanii mirkaneessuu irratti gargaarsa godheera. Haa ta'u malee, humneessuun adeemsa/daandii ta'uu mannaa dhuma/galma akka ta'eetti dogongoraan fudhatamaa ture. Kunis dubartootni harka-qalleeyyii waa'ee dhimmootaa irratti beektota cimoo akka ta'an, fi jijjiiramoota xixxiinnoos haala meeshaa isaaniitiin walti qabanii akka ilaalan taasiseera, kunis bu'aa hamaa dha.

Gabatee 2:2 **Adeemsota poolisii adda addaa**

| Dhimmoota | Nagummaa | Madaalawummaa | Farra-hiyyummaa | Dandeettummaa | Humneessuu |
|---|---|---|---|---|---|
| **Madda** | Adeemsa duraanii: approach:<br>- modeela nagummaa hawaasaa sirna gabrummaa irraa hafe<br>- Ammayummaa<br><br>/guddina dinagdee si'aawaa | Dubartootni Misooma Keessatti (WID) haqaa<br><br>Poolisii misoomaa<br><br>- dhiibbaa Boserup fi feeministoota jalqabaa addunyaa; waa'ee fooyya'insa Waggoota Kurnan Dubartootaa – Mootumoota Gamtoomanii irratti | Adeemsa WID lamaffaa:<br><br>- tamsaasa guddinaa fi fedhii bu'uuraatiin kan walti hidhatu | WID sadaffaa fi amma ammo kan jalqabaa<br><br>- poolisiiwwan dinagdee waarawaa | Adeemsa isa dhihoo: Kufaatii barreessuu fi dhabbilee hundee keessaan madde |


| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | Moodela misoomaa | | | Tasgabeessuu fi sirreessuun hirmaannaa dinagdee dubartootni misooma keessa qaban irratti hundaa’a | |
| **Yeroo baay’ee beekamaa** | 1950-70; garuu hanga ammaattisa baay’ee hojiirra | 1975-85: yeroo waggootii kurnan dubartootaatti wal-simsiisuuf | 1970n jalqabee: Hanga ammaatti beekamtii muraasaa | 1980sn booda: Yeroo ammaatti isa tokkoffaa dha | 1975 jalqabee: 1980n keessatti ol guddate ammalle beekamtii, muraasaa |
| **Kaayyoo** | Dubartoota akka haarmee gaariitti gara misoomaa fiduu: kunis akka gahee misoomaa isaanii isa barbaachisaatti ilaalama | Adeemsa misoomaa keessatti dubartootaaf madaalawummaa argamsiisuu: dubartootni akka hirmaattota misoomaa cimootti ilaalamu | Dubartootni harqa-qalleeyyii oomishtummaa isaanii guddisuuisaa nii mirkaneessuu: Hiyyummaan dubartootaa akka rakkoo dhiibamuu osoo hin ta’iin akka rakkina guddina biyyaatti ilaalama | Misoomni milkaa’aa fi dandeessa ta’uu isaa mirkaneessuu: hirmaannaan dinagdee dubartootaa madaalawummaan akka wal-qabatetti ilaalama. | Dubartoota karaa of-danda’ummaa gudaatiin humneessuu: hacuucamuun dubartootaa dhiira qofaan osoo hin taane cunqursaa baroota gabrummaa fi gabrummaa ammayyaatinis ilaalama. |
| **Feedhiilee dubartootaa guutaman fi gaheewwan beekamtii argatan** | Gahee wal-hormaataa keessatti fedhiilee koorniyaa qabatamoo guutuu, keessattuu gargaarsa nyaataa, hanqina nyaataa fi karoora maatiitiin wal-qabatee, | Fedhiilee tarsiimawoo koorniyaa gama gahee-sadeen guutuu-hirmaannaa kallattii irraa-gadee mootummaatiin, wal-caalmaa dhiira waliin jiru hir’isuudhaan dinagdee fi siyaasaa kennuu | Fedhiilee koorniyaa qabatamoo gahee oomishtummaan guutuuf, keessattuu piroojektoota galii argamsiisoo xixiqqaadhaan galii a1rgachuu | Halqara xiqqaachuu tajaajila hawaasumaatiin gaheewwan dubartootaa sadan irratti hundaa’uun fedhiilee koorniyaa qabatamoo guutuu | Gara gaheewwan dubartootaa gam-sadeen fedhiilee koorniyaa tarsiimawoo guutuu – fedhiilee koorniyaa qabatamoo akka farra hacuuccaatti kallattiin ala akkaataa irraan olee jajjabeessuun |
| **Qeeqa** | Dubartootni, gahee wal-hormaataa isaanii irratti xiyyeefatee, kan hin falmanne, kanaanis mootummaa fi dhaabbilee mit-mootummaatin akka fayyadamtoota misoomaa dadhabootti ilaalamu kan beekaman. | hariiroo dhiiraatiin wal-qabatee iddoolee hirkattummaa dubartootaa addaan baasuu-, rakkisaa, mootummootaan kan hin beekkamnee fi rakkisaa ta’uun isaa qeeqama | Gahee oomishtummaaf qofa beekamtii kennuuf jechaa dubartoota harka-qaleeyyii lagachuu; diddaa gargaarsa xiqqaataa, beekkamtummaan dubartootaa ammas dhaabbilee mit-mootummaa gad-aanoo keessatti | Dubartootni walumaagalatti qabiyyee hojii xumuruu fi yeroo hojii dheeressuun ilaalamu; baay’inaan dhaabbilee gam-baay’eetiin beekamaa dha | Of-danda’ummaa dubartoota biyyoota addunyaa sadaffaa irratti hundaa’uun ciminaan mormuu: mootummaa fi dhaabbileen hin gargaaramu: haala suuta qeeqa dhabamsiisuu, guddina qabatamaa dhaabbilee fedha ooltummaa baajata xiqqaa |

**Maddi: Moser, C. (1993), Gender Planning and Development: Theory, Practice, and Training, Routledge,London, pp. 56-57.**

## 2.3. Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Sadarkaa Humneessuu

Barruu 2.3 Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Sadarkaa Humneessuu

Dubartoota humneessuu kan eegaltu, fedhiilee isaanii tarsiimawoo yemmuu deebistu qofa. Humneessuun adeemsa dubartootni sababiilee adda-baasuu hundee fi caasaa hubachuu, adda baafachuu fi furuutti kakaafamanii dha – kanaanis wal-qixxummaa nagumaa fi carraa qal-qixxaataa fayyadama qabeenyaa milkeessan. Wixineen Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Humneessuu (Gender Equality and Empowerment Framework (GEEF)), kan Wixinee Wal-qixxummaa Dubartootaa fi Humneessuu, Loongwee (1994) irraa waraabames, barbaachisumaa isaanii irratti hundaa'uun sadarkaalee wal-qixxummaa koorniyaa fi humneessuu shanan akka armaan gadiitti wal duraa duubaan ibseera.




Fakkii : 2:1 Sadarkaa Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Humneessuu

- Nagummaa: **nagummaa meeshaa dhiiraafi dhalaa** ilaallata. Hanqinni koorniyaa iddoo kanatti, feedhiile bu'uuraa kanneen guutuuf hanqinoota jiranii fi haalota nageenyummaa ummataa irratti dhiibbaa fidan ibsan. Sababootni baramoo nageenummaa dubartootaa irrattii dhiibbaa uuman; baay'ina hojiilee ulfaatoo laakka'amuu hin dandeenye, fi hanqina nyaata madaalamaa- kan fayyaa isaanii miidhuu fi jireenya gad aanaa akka jiraatan taasisu of keessatti hammata.

Walcaalmaan dubartootaaf dhiira gidduu jiru kan xiqqaachuu danda'u, carraaleen wal-qixaa fi carraan itti fayyadamaa qabeenyaa wal-qixaa yemuu uumaman qofa.

- Itti Fayyadama: Itti fayyadamni akkanatti hiikama ***"mirga fi akkaataa ittiin tajaajiloota fi oomishaalee argatan".*** Wal-qixxummaan itti fayyadamaa misooma dubartootaatiif akka bu'uuraatti ilaalama- daandii humneessuu keessatti tarkaanfii jalqabaati. Akkasumas, hojiilee ulfaatoo fi nyaata xiqqaa, dubartootni itti fayyadama teeknoloojii barbaachisoo dhiiraan xiqqaa fi qaxarrii xiqqaataa argatu. Garaagarummaa itti fayyadamaa kana dhiphisuuf yaadota fi ilaalcha waaltawoo sakkata'uu fi irra deebi'anii ilaaluun barbaachisaa dha.
- Dammaqsuu jechuun ***adeemsa rakkoolleen hanga kam muudachuu danda'an*** jedhu beekuu dha. Hanqinoota nama dhuunfaa irratti osoo hin ta'iin, adda-baasoo tarsiimawaa garee hawaasummaa tokko irratti adeemsifaman fi kan miseensota garee sanaa hunda miidhan irratti. Gufuuleen damaaqsuu, amantaalee kannen akka dubartootni yemmuu saaykilii oofan dahumsa argachuu dhabuu danda'u jedhu, dhiirri yoo nyaata bilcheesse 'dadhabaa' ta'uu danda'a, dubartootni nyaata pirootinii hedduu yoo nyaatan firii dhabuu danda'u kan jedhan fa'a of keessatti qabata. Hanqinoota hamma kana jiran guutuuf, gochootaa fi ilaalchaalee baratamoo irra deebi'anii sakatta'uu fi, wal irraa daddarbuun gaheewwanii hawaasa keessatti dirqama jeequmsa/jijjiirama the uumuu hin qabu. Hubannoon akkanaa guddina hirmaannaa dubartootni misooma keesaatti godhaniif barbaachisaa dha.

- Hirmaachuu: Wixineen Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Humneessuu (Gender Equality and Empowerment Framework (GEEF)), hirmaachuu akkanatti hiika: "akkaataa wantootni adeemsifaman fi qabeenyi hiramu irratti qooda fudhachuu, murtee kennuu keessatti wal-qixxummaa koorniyaa argamsiisuu". Humneessuu jechuun murteessuu keessatti bakka bu'ummaa dubartootaa bal'aa, hojiilee bishaanii fi qulqulinaa keessattis hirmaannaa dhiiraa bal'aa fiduu, fi hojiilee manaa keessatti fi qoodni hirame yoo jiraatu jechuu dha. Kun immoo gama isaatiin, dubartootni sochiilee misoomaan wal-qabatan irratti hirmaachuuf yeroo akka argatan godha. Sadarkaa kana irra gahuuf, kakaasni jabaan baay'ee barbaachisa;

akka walii galaatti dubartoota waliin hojjachuun dubartootni bakka bu'ummaa guddaa akka qabaatan fi battalumattis mirga to'achuu akka qabaatan humneessa.

- To'achuu: to'achuun "***dandeettii taateewwan adeemsisuu ykn dhiibbaa uumuu, kanaanis fedhiin ofii akka kabajamuu fi eegamu gochuu"*** jedhamee hiikama. Inni kun sadarkaa wal-qixxummaa fi humneessuu mirkanaa dha. Dubartootni misooma keessatti shoora si'aawaa taphatu, akkasumas bu'aa fi qabeenyi dhiiraa fi dhala gidduu wal-qixa qoodamu. Sadarkaa kanatti, hanqiinotni koorniyaa to'annaa qabeenyaa fi murtee kennuu irratti hundaa'anii ilaalamu; to'annaa irra caalaa jechuun dandeettii teeknoloojii sirrii fudhachuu, qabeenya to'achuu fi carraa fi itti fayyadama wal-qixa argachuu jechuudha.

## 2.4. Hubannoo Fedhiilee Qabatamoo fi Tarsiimawoo Dubartootaa

### Barruu 2.4: Fedhiilee Qabatamoo fi Tarsiimawoo Dubartootaa

Yaadrimeen kun, yaadrimee yeroo jalqabaatiif dubartii Paakistaanii dubartoota humneessuu irratti hojjataa turteen 1980n keessatti kan eegalamee dha. Yeroo san irraa eegalee, yaadrimeewwan kunniin dhaabbilee hedduudhaan fudhatameera. Salphaatti yemmuu kaayamu:

- **Adeemsaalee qabatamoo fi deebii kennuu:** kan yeroo gabaabaa ta'ee, barmaatilee jiraniin fedhii hatattamaa guutuuf kan wixineeffame.
- **Adeemsaale tarsiimawoo fi deebii kennuu** kan yeroo dheeraa ta'ee, rakkoo ka'umsa/hidda isaa irra ga'uu karoorfatee, kallattiin barmaatilee koorniyaa jijjiiruuf hojjatama.

Yaadrimeen fedhiilee koorniyaa qabatamoo fi tarsiimawoo kan uumame, fedhiileen qabatamoo tarkaanfii jijjiramaatiin guutamuu kan danda'an hubachiisuuf, kunis, dubartootni hariiroo koorniyaa wal-caalmaa qabu ittiin falmachuu akka danda'an gargaaruun fedhiin tarsiimawaa akka guutamuuf. Kallattiidhaan dubartoota humneessuuf galii galchuu qaba.

Taatotni misoomaa, haala dubartootaa fooyyeessuurratti (fedhii qabatamaa) (hattatama, qabeenya meeshaa dubartootni keessa jiraatan) qofa xiyyeeffachuu mannaa, karaa sadarkaa isaan hawaasa keessatti qaban jijjiiruu danda'u (fedhiilee tarsiimawoo) irratti fuulleeffachuun fooyyeessuun barbaachisa.

Haata'u malee, sadarkaa dubartootaa jijjiiruun hariiroo koorniyaa wal hin qixxaanne, kan gara dhiiraf madaalan, falmuu barbaada. Haala dubartootaa jijjiiruu fi sadarkaa dubartootaa jijjiruun waliin kan deeman yemmuu ta'an, dhiibbaa uumuu fi tarkaanfatoo ta'uu barbaadu.

Akkuma maqaan isaa akeeku, fedhiin qabatamaa, **haalaa dubartootni keessa jiran** kanneen akka fayyaa, bishaan fi barnoota jijiiruu irratti fuulleeffata. Gama biraatiin, fedhiin tarsiimawaa, **sadarkaa jireenya dubartootaa** kanneen akka, tarkaanfii seeraa, poolisiiwwanii fi dhimmoota akka qoodama gahee hojii koorniyaa, miidhaa qaamaa mana keessaa fi hirmaannaa murtee kennuu dubartootaa irratti fuulleeffata. Gabateen 2.3. fedhiilee qabatamaa fi tarsiimawaa dubartootaa gabaabsee dhiheessa.

**Gabatee 2.3:** Fedhiilee qabatamaa fi tarsiimawaa

| Fedhiilee qabatamoo | Fedhiilee tarsiimawoo |
|---|---|
| **Fedhiilee yeroo gabaabaa** | **Fedhiilee yeroo dheeraa** |
| • Fedhiilee bu'uuraa (bishaan qulqulluu, nyaata, boba'aa, mana jireenyaa) tarkaanfii jajjaboon deebifamuu danda'u<br>• Dubartootni fedhii kana salphumatti adda baafachuu danda'u<br>• Dubartootni gahee hawaasni isaniif remade akka ba'atan isaaniif salphisa<br>• Iddoon dubartootaa maxxantuu dhiiraa ta'uu isaa hin falmu | • Nageenya dhuunfaa, miidhaa irraa bilisa ta'uu, mirgoota seeraa, carraa barnootaa fi dhimmoota ulfaataa akkanaa deebisuu<br>• Yeroo baay'ee dubartootni fedhiilee kanneen hin shallagan<br>• Adeemsa gahee fi dirqama dhiiraa fi dhalaa ramadu ni falma<br>• Iddoo dubartootaa maxxantummaa ni falma, sadarkaa jireenya dubartootaa fooyyeessuu galma godhata, akkasumas dhorkaalee dhabamsiisuuf yaala |

Hojiin misoomaa qulqulina qabu adeemsaalee lamaanuu; tarsiimawaa fi qabatamaa of keessatti qabachuun, sagantichi osoo furmaata yeroo dheeraa fiduuf hojjatuu fedhiilee hatattamaatiif deebii kan laatuu dha. Tarkaanfiileen yeroo gabaabaa

dubartootnii fi dargaggoonni fedhiilee bu'uuraa guutuuf akkamitti hojii hajjatanii galii galchuu, carraa itti fayyadama bishaanii fi nyaataa argachuu akka danda'an, yeroo dheeraan deebii kennuun ammo, dubartootni qabeenya manaa irratti murteessuuf mirga qabaachuu isaanii mirkaneessuuf dhiiraa fi dhalaa waliin hojjata.

# Moojulii 3: Wal-qixxummaa Koorniyaa

## Kaayyoo Barnootaa

*Xumura moojulii kanatiin booda kanneen armaan gadii:*

- Yaadrimee wal-qixxummaa koorniyaa ibsuu
- Adeemsaalee adda addaa wal-qixxummaa koorniyaa hubachuu
- Itoophiyaa keessatti wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf yaaliiwwan godhaman hubachuu dandeessu.

## Seensa

Kutaan kun hubannoo bu'uuraa wal-qixxummaa koorniyaa fi qabxiilee wal-qabatan, adeemsaalee adda addaa wal-qixxummaa saalaa mirkaneessuuf faayidaa irra oolan fi Itoophiyaa keessatti wal-qixxummaa koorniyaa fiduuf gahee mootummaa fi of keessatti qabata.

### 3.1. Wal-qixxummaa Koorniyaa Walumaa Galatti

#### Barruu 3.1. Wal-qixxummaa Koorniyaa

Wal-qixxummaan koorniyaa, yaadrimee dhiirrii fi dubartiin, ilmaa fi intalti, dandeettii guutuu, mirga namoomaa fi walabummaa isaanii beekuu, akkasumas misooma dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi aadaa irratti hirmaannaa fi bu'aa akka argataniif, haala, kunuunsaa fi carraalee wal-qixaa argachuu jedhuu dha. Wal-qixxummaan koorniyaa, kanaafuu, garaagarummaa fi tokkummaa dhiiraa fi dhalaa akksumas gahee isaan taphatan irratti madaallii hawaasaa wal-qixaa jechuu dha. Dhiirrii fi dubartiin mana keessatti, hawaasa keessatti fi ummata keessatti miiltoo dhugaa ta'uu isaanii irratti hundaa'a. Wal-qixxummaa jechuun dhiirrii fi dubartiin gosa tokko ni ta'u jechuu osoo hin taane, mirgootni, dirqamootnii fi carraaleen isaaniif laataman dhiiraa ykn dhala ta'anii dhalachuu isaanii irratti hundaa'uu hin qabu jechuu dha.

Wal-qixxummaan koorniyaa, adda addummaa gareeewwa adda addaatiif fi ilmaan namaa dandeettii dhuunfaa ofii dagaagsuu fi filannoo gochuuf daangaa gahee koorniyaaa irratti hundaa'e tokko malee bilisa ta'uu isaatiif beekkamtii kennuuf

fedhiileen dhiiraa fi dhalaa/ilmaaa fi intalaa hundi tilmaama keessa galuu akka qaban ibsa.

Wal-qixxummaan koorniyaa dhimma mirga namoomaa yemmuu ta'u, guddina itti fufa dhala nama bu'uureeffateef haalduree fi agarsiistuu dha.

Wal-qixxummaa koorniyaa jechuun, koorniyaan hundi hojii adda-baasoo tokko malee, filannoo, haala jireenyaa fi dandeettii barbaadan gonfachuuf bilisaa dha jechuu dha. Mirgootni, carraaleen fi mirgi itti-fayyadama isaanii koorniyaa isaaniirratti hundaa'ee garaagarummaa hin qabaatu. Wal-qixxummaan koorniya namni hundi haala wal-fakkaataan kunuunfama jechuu miti. Fedhii fi galmi isaanii wal-qixa madaalama.

Dirree addunyaatii fi haala qabatamaa biyyatiitti, wal-qixxummaan koorniyaa mirga namoomaa, haqaa fi ajandaalee misoomaatiin wal-qabata. Wal-caalmaan koorniyaa, carraa itti fayyadama qabeenyaa, to'annaa qabeenyaa, carraa murtee kennuu fi hirmaannaa gama hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaatiin calaqqifama.

Kasaan Hanqina Koorniyaa Addunyaa (The **global Gender Gap Index (GGI))** garaagarummaa haala barnootaa, fayyaa, haala jiruu, mirgoota namoomaa bu'uuraa, fi gargaarsa hawaasummaa dhiiraa fi dhalaa gidduu jiru agarsiisa. Agarsiisotni GGI garaagarummaa dhiiraa fi dhalaa biyya tokkoo agarsiisu. Qabxiileen madaalliii GGI, qabxii 0 hanga 100 tti laakka'amn, fageenyaa wal-qixxummaa irraa qabanitti hiikamuu danda'u (innis, dhibbeenta dhibbentaa hanqinoota koorniyaa guutamaniiti).

Wal-caalmaaleen koorniyaa dubartootaa fi shamarran muudatan fayyaa fi nageenya isaanii balaa irra buusu. Dubartootnii fi shamarran yeroo baay'ee; iiti fayyadama qabeenyaa, gita hojii, odeeffannoo, leenjii fi tajaajilota argachuu irratti dhiira caalaa rakkatu.

Rakkooleen kunniinis, gufuu jijjiiramaa, hanqina aangoo murtee kennuu, sadarkaa barnootaa xiqqaataa, ilaalchaa fi hawaasa adda-baasoo of keessa qabata. Kanarraan kan ka'e. Dubartootni qoodiinsa hojii koorniyaa hundeeffateef (qoodiinsi gita hojii koorniyaa hundeeffate sababaa fi bu'aa wal-caalmaa koorniyaati), carraa barnootaa fi odeeffannoo murtaa'aa ta'eef saaxilamu, akkasumas humna murtee kennuu dhiiraan gad ta'e qabaatu.

Itoophiyaan wal-caalmaa dhiiraaf dhalaa bal'aa ta'etti qabsaafti. Fakkeenyaaf, gabaasni Hanqina Koorniyaa Addunyaa (Globall Gender Gap) bara 2020tiin Itoophiyaan kasaa hanqina koorniyaa (gender gap index) 0.705 (70.5%)[1] ta'een biyyoota 134 keessaa sadarkaa 82ffaa argatte. Haa ta'u malee, akkuma gabatee 3.1. armaan gadiitiin ibsameen, wal-qixxummaa koorniyaa fiduu irratti Itoophiya keessa fooyya'iinsi ni jira, akkasumas GGI'n waggoota shanan darban 2016 hanga 2020 keessatti 0.6621 irraa gara 0.7050tti guddatee jira.

*Gabatee 3:1 Kasaa Hanqina Koorniyaa Addunyaa[1] - Itoophiyaa*

| Bara | Sadarkaa hanqina koorniyaa | Kasaa hanqina koorniyaa |
|---|---|---|
| 2020 | **82º** | **0.7050** |
| 2018 | 117º | 0.6560 |
| 2017 | 115º | 0.6560 |
| 2016 | 109º | 0.6621 |

*Maddi: Global word GGI rank, 2020*

## Barruu 3.2. Madaalawumma Koorniyaa


**Madaalawumma Koorniyaa:** dhiiraa fi dhala fedhii isaanii irratti hundaa'uun simannaa madaalamaa kennuu dha. Kunis simannaa wal-qixaa, yookin wal-qixa ta'uu dhabus gama mirgaa, faayidaa, dirqamaafi carraatiin akka wal-qitaatti ilaalamu of keessatti qabachuu danda'a. Madaalawummaan, carraaleen kennaman koorniyaa irratti hundaa'anii akka hin dangeeffamne mirkaneessa.[2] Madaallii koorniyaa sirreessuun, bu'aalee dinagdee hundaaf ni fooyyeessa. Wal-caalmaalee fi adda baasoo hawaasa keessa jiran furuun, walqixxuummaa dhugoomsa. .

Fakkiin armaan gadii yaadrimee wal-qixxummaa, madaalawummaa, walabummaa fi dhugaa koorniyaa agarsiisa.

[1] https://knoema.com/atlas/Ethiopia/topics/World-Rankings/World-Rankings/Global-gender-gap-index
[2] Gender equality ILO, 2020

- *Suuraa 1:* garee lamaan (dhiiraa fi dhalaa)f naannawa wal-qixxaataa osoo hin uumin yaadrimee wal-qixxummaa ibsa. Sanduuqotni sadan, haalaa namootni sadan keessa jiran hubannoo jala osoo hin galchiin qoodaman.
- *Suuraa 2:* Itti fayyadama qabeenyaa fi odeeffannoo irratti, carraalee amansiisaa dhiiraa fi dhalaaf uumuun yaadrimee madaalawummaa agarsiisasanduuqotni sadan akkaataa fedhii namoota sadanii irratti hundaa'uun kennameef, kanaanis galma isaanii gahatu.
- *Suuraa 3:* Namootni carraa yemmuu argatan, namoota biroo miidhuun qabeenya qo'achuuf yaalii akka godhan dhugaa jiru agarsiisa.
- *Suuraa 4:* Dirree walabaa, kan dhiirrii fi dubartootni gufuu tokko malee qabeenyaa fi odeeffannootti fayyadamuuf bilisa ta'an agarsiisa.

Fakkii 3.1: wal-qixxummaa fi Madaalawumaa Koorniyaa



### 3.1.1. Wal-qixxummaa Koorniyaa fi Madaalawummaa Koorniyaa[3]

| *Wal-qixxummaa Koorniyaa* | *Madaalawumma Koorniyaa* |
|---|---|
| ***Haala yookin taatee** dhiiraa fi dhalaa mirgoota namoomaatti wal-qixxummaan akka fayyadaman kennuu, meeshaalee, carraa fi qabeenya hawaasni kabaju saala lamaaniif carraa walgitaa akka itti fayyadaman fi isaanis fayyadan, sadarkaalee hawaasaa hunda keessatti (dinagdee, siyaasa, hawaasumma fi aadaa)* | *Dhuma irratti wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf jechaa, dhiiraa fi dhala haqaa fi sirna madaalamaan keessumeessuu, yeroo hedduu dhiiraa fi dhalaaf **kunuunsa adda addaa** barbaaduu dha (qabxiilee kallattiin adda ta'an irratti), miidhaalee seenaa keessatti dubartootaaf dhiiraa carraa walqixaa dhorkuun irra gahan kiisuuf* |
| ***Fakkeenya:** maatiin tokkoo qarshii murtaa'aa qabu, ilmaa fi intala isaanitiif qophee haaraa bara barnootaa haaraaf bituu qab, haata'u malee nama tokko qofatu bara kana kophee argachuu danda'a. yemmuu maatiin sun ijoollee lamaan keessa inni kam kophee argachuu akka danda'u barbaachisummaa kophee sanaa irratti male saala isaanii irratti osoo hin hundaa'in yoo murteessu (maatii keessaa eenyutu murtee kana kenna?) kanatu fakkeenya wal-qixxummaa koorniyaa jedhama.* | ***Fakkeenya:** carraa leenjii hogganummaa dubartootaaf kennuu, yookaan ammo sadarkaa wal-qixxummaa koorniyaa guutuuf dubartootni murtee kennuu keessatti qooda akka argatan taasisuu* |
| ***Qabxii barbaachisaa!** Madaalawummaan gara wal-qixxummaatti geessa! Madaalawummaa jechuun wal-caalmaalee seena qabeessaa dhiiraa fi dhala giddu uuman furuuf tarkaanfiileen wal-caalmaa qaban fudhatamuu qabu jechuu dha.* | |

[3] Seda gender equality and gender equity / November 2016

## 3.2. Adeemsaalee wal-qixxummaa koorniyaa

### Handout 3.3 Adeemsaalee Wal-qixxummaa Koorniyaa

Wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf adeemsaalee fi tarsiimoo adda addaatu jiru. Adeemsaaleen wal-qixxummaa koorniyaa ijoon, koorniyaa idileessuu, kophaa-dhaabbachuu/dubartoota-xiyyeefataa fi adeemsa wal-makaa fa'a. Thaala armaan gadiitiin bal'inaan ibsamanii jiru:

- **Adeemsa koorniyaa idileessuu[4]:** koorniyaa idileessuun, adeemsa poolisii kalaquu, fedhiilee fi yaada dhiiraa fi dhalaa lamaanuu kan tilmaama keessa galchuudha. Koorniyaa idileessuu jechuun, ilaalcha wal-qixxummaa koorniyaa sadarkaalee poolisiiwwanii fi sagantaalee hunda keessatti galchuudha. Dhiirrii fi dubartootni fedhii fi naannawaa jireenyaa garaagaraa fi, carraa fi aangoo, qabeenya, mirga namoomaa fi dhaabbilee akkasumas seeraa keessatti wal-caalmaa qabu.

  Koorniyaa idileessuun wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf tarsiimoo addunyaarratti fudhatama argateedha. Idileessuun dhuunfaa isaatti galma dhumaa osoo hin taane mala adeemsaa, galma wal-qixxummaa koorniyaa ittiin milkeessanii dha. Idileessuun, ilaalchi koorniyaa fi xiyyeeffannoon wal-qixxummaa koorniyaa mirkanneessuuf kennamu, iddoolee hundatti karoorfamuu isaa, poolisii dagaagsamu, qorannoo, mariiwwan, heera, qoodiinsa qabeenyaa, fi sagantaalee karoorsuu, hojiirra oolchuu fi to'achuu keessatti jiraachuu isaa of keessatti qabata.

- **kophaa-dhaabbachuu/dubartoota-xiyyeefata[5]:** sochiiwwan guddina dubartootaa irratti xiyyeeffatan, sagantaalee, yaaliiwwanii fi dubartoota giddu gala godhatan kamiiyyuu. Any effort that focused for advancement of women through women focused interventions, efforts and programs. Galmi ijoon adeemsa kophaa-dhaabbachuu dandeettii uumuu fi haala qabatamaa mijeessuun fedhiilee tarsiimawoo guutuun dubartoota humneessuu dha.

[4] https://www.ilo.org/public/english/bureau/gender/newsite2002/about/defin.htm
[5] https://gsdrc.org/document-library/a-transformative-stand-alone-goal-on-achieving-gender-equality-womens-rights-and-womens-empowerment/

- **Adeemsa walmakaa:** adeemsi kun, adeemsaalee koorniyaa idileessuu fi kophaa-dhaabbachuu kan fayyadamuu dha. Dhaabbileen baay'een wal-qixxummaa koorniyaatiif adeemsa walmakaa fayyadamu. Dubartoota humneessuu fi adeemsaalee mirga-ilaallatoo hojiirra oolchu, akkasumas fedhiilee dhiiraa fi dubartootaa guutuuf caasaalee dhaabbata isaanii hunda keessatti koorniyaa idileessanii jiru.

Mootummaa fi taatotni misoomaa, dubartoota humneessuu fi wal-qixxummaa koorniyaa sadarkaa nama dhuunfaatti, hawaasaatti fi akka dhaabaatti mirkaneessuuf, maloota adda adda fayyadamu. Gamisni maloota kana wantoota armaan gadii irratti xiyyeeffatu:

- Hogganummaa, murteesummaa, humneessuu fi jijjiirraa aadaa
- Nageenyaa fi miidhaalee koorniyaa xiyyeeffatan irra bilisa ta'uu
- Nageenya dalagaa fi dinagdee
- Fayyaa fi nageenyummaa
- Barnootaa fi leenjii
- Education and training
- Dhiibbaa gochuu fi beeksisa

Yaaliiwwan adda addaa wal-qixxummaa koorniyaa fi dubartoota humneessuuf hojjataman, bu'aalee armaan gadii fiduuf gargaaraniiru.

- Hirmaannaa dubartootaa raayyaa hojii keessatti, kunis, walabummaa dinagdee walqixaa
- Qabeenya, barnoota fi odeeffannoo irratti to'annaa, murtee kennuu fi itti fayyadama walqixaa qabaachuu
- Murteewwan barbaachisoo dabarsuu keessati bakka bu'ummaa sirrii dubartootaa.
- Miidhaawwan dubartoota irratti raawwataman kamuu dhabamsiisuu, kunis, miidhaa koorniyaa irratti hundeeffame, kanneenn akka miidhaa mana keessaa.
- Murteewwan dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa dabarsuu keessatti wal-qixxuummaa dhiiraa fi dhalaa dagaagsuu.

1

- Adda baasoo fi miidhaalee dubartoota irratti raawwataman kamiiyyuu dhabamsiisuu.
- Miidhaalee mana keessaa, iddoo hojii fi yeroo waranaa dabalatee dubartootaa miidhamtoota ta'aniif gargaarsa dhiheessuu.

## 3.3. Maloota Wal-qixxummaa Koorniyaa Milkeessuu

*Barruu 3.4 Maloota wal-qixxummaa koorniyaa adda addaa*

Wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf maloota adda addaatu jiru. Kan yeroo hedduu bal'inaan hojiirra oolan, xiinxala koorniyaa fi to'anaa koorniyaa ti. Lamanuu koorniyaa idileessuu fi sagantaalee dubartoota humneessuu adda addaa sadarkaa dhuunfaa, dhaabaa fi hawaasaatti hojiirra oolchuuf fayyadu.

**To'annaa koorniyaa:** Toannaan koorniyaa wal-qixxummaan koorniyaa dhaabbata tokkoo sadarkaa itti argamu xiinxaluuf mala fayyaduu dha. To'annaan koorniyaa dhimmoota adda addaa akka wal-qixxummaa koorniyaa poolisiiwwanii fi caasaa murtee kennuu isaanii, aadaa dhaabbatichaa fi adeemsaaleeef xiyyeeffannoo kennuun, ilaalcha, hubannoo fi amaloota hojjatootni waa'ee wal-qixxummaa koorniyaa qaban sassaaba. To'annaa koorniyaa, haala qabatamaa dhaabbatichaa ilaalcha koorniyaa irraa madaaluuf akka fuulleetti gargaara. To'annaa koorniyaa sadarkaa dhaabbatichaa (poolisii), saderkaa sagantaa fi piroojektiitti dalagamuu danda'a.

**Xiinxala koorniyaa:** tooftaalee hariiroo dhiiraa fi dhalaa, carraa itti fayyadama qabeenyaa isaan qaban, sochiilee isaanii, fi walitti dhufeenya isaanii keessatti gufuu isaan muudatu hubachuuf tooftalee ittiin gargaaramnuu dha. Xiinxalli koorniyaa odeeffannoo koorniyaa fi walitti dhufeenya inni sanyii, saba, aadaa, sadarkaa jireenyaa, umrii, miidhaa qaamaa fi/yookin sadarkaalee biroo waliin qabu qalbiiffachuun, adeemsaalee hirmaannaa, amalaa fi sochiilee aadda addaa dhiiraa fi dubartootni dinagdee, hawaasummaa fi seera keessatti beekuuf barbaachisaa dha.
Xiinxalli koorniyaa, bu'aaleen misoomaa fi qabeenyi uumama dhiiraa fi dhalaaf walqixa bu'a qabeessaa fi madaalamaa ta'uu isaanii mirkaneessuuf odeeffannoo xiinxaluu dha, akkasumas miidhaalee misoomnii fi tarkaanfileen, dubartoota yookin

hariiroo koorniyaa irratti fidan haala bu'a qabeessaan fuunaanuu fi dhorkuu dha. Xiinxalli koorniyaa maloota fi wixineewwan adda addatiin adeemsifama. Tooftaa odeeffannoon waa'ee koorniyaa ittiin funaanamuu fi dalagamu of keessatti qabata.

Xiinxalli koorniyaa, tooftaalee ifaa dubartoota hammatan of keessatti qabachuun barbaachisaa ta'uu isaa beekuuf hubannoon hariiroo koorniyaa bu'uura ta'uu isaa beeksisa. Tooftaaleen kunniin faayidaa fedhiilee qabatamoo fi tarsiimawoo dubartootaa guutuuf faayidaa irra ooluun isaanii, odeeffannoo xiinxala koorniyaa garee tokkoo irran argame irratti hundaa'a. Daataaleen bittinfamanii xiinxalaman, fooyya'iinsa koorniyaa to'achuu fi gamaaggamuuf akka ka'umsaatti fayyadamuu fi yaalii gara wal-qixxummaa koorniyaa danda'ama.

### 3.4. Tattaaffii Wal-qixxummaa Koorniyaa

Mootummaan Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa (FDRE) tattaaffii dubartoota humneessuu fi wal-qixxummaa koorniyaatiif kutannoon hojjata. Mootummichi wal-qixxummaa koorniyaa fooyyeessuuf poolisiiwwanii fi seerota garaagaraa ofitti fudhatee qajeelchee jira. Yaaliiwwan wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf dubartoota fi koorniyaan walqabatan asiin gaditti tarreefamanii jiru.

#### 1. Heera Mootummaa Feederaalawa Dimokraatawaa Itoophiyaa MFDI 1995, keeyyata 35

"…dubartootni mirgootaa fi eegumsa heerri kun raggaaseef fayyadamuu irratti dhiiraa waliin mirga walqixxaa qabu. Karooraa fi raawwii piroojektootaa fi poolisiiwwan misoomaa biyyaalessaa, keessattuu piroojektoota faayidaa dubartootaa tuqan irratti haala guutuun yaada akka kennan mirga gaafachuu qabu"

#### 2. Hundeeffama Imaammataa fi Tarsiimoo

- Mootummaan wal-caalmaa koorniyaa furuuf imaammataa fi tarsiimota idileessuu dagaagsaa tureera.

- Poolisiin Biyyaalessaa Dubartootaa wal-caalmaa koorniyaa furuuf bara 1993tti gajeelfamee qophaa'ee, dhimmoota koorniyaa imaammata barnootaa, HIV/AIDS, imaammata ummataa dabalatee imaammata adda addaa keessa make,
- Seerri Maatii Fooyyeeffame, qajeelfamoota wal-qixxummaa koorniyaa irratti hundaa'ee Adooleessa 2020 hojiirra oole.
- Mirgi dhaalmaa fi lafaalle fooyyeeffame.
- Land and inheritance right revised.

### 3. Seerota Addunyaa Fudhachuu

Mootummaan Itoophiyaa seerota, waliigalteewwan, dirqamoota addunyaa adda addaa ofitti fudhateera, kan dubartoota waliin walqabatan kan armaan gadiiti:

- **ICERD**: Konveenshinii Dhabamsiisa Adda-Baasaa Sanyii Gosa Hundaa Addunyaa
- **ICCPR**: Walii galtee Addunyaa Mirgoota Namoomaa fi Siyaasaa
- **ICESCR**:Walii galtee Addunyaa Mirgoota Dinagdee Hawaasummaa fi Aadaa
- **CEDAW:** Walii galtee Addunyaa Dhabamsiisa Adda-baasaa Farra Dubartootaa Goda Hundaa
- **Walii galtee Hojii Beejing**
- **ACHRCRC**: Chaartara Afriikaa Mirgoota Namoomaa, fi Konveenshinii Mirgoota Da'immanii
- **MDGs**: Galmoota Misooma Barkumee
- **SDGs:** Galmoota Misooma Dhaabbataa
- **WPSFC**: Wixineewwanii fi Dirqamoota Nageenya fi Dubartootaa

Imaammatni, waliigalteewwanii fi Konveenshinootni addunyaa fi biyyooleessaa taatota wal-qixxummaa koorniyaa dagaagsuuf fi dubartoota humneessuuf yaalii godhan gargaaruuf uumaman. Itoophiyaa keessatti gumaachi dhaabbilee mitmootummaa (CSOs), akka qaama mootumaatti, dhaabbilee idil-addunyaa, dameewwan Gamtaa Mootummootaa, dhaabbilee fi sochiiwwan dubartootaaf dhaabbatanii, dubartoota humneessuu fi wal-qixxummaa koorniyaa jajjabeessuu irratti gumaacha guddaa godhan. Dhaabbileen mitmootummaa (CSOs) dubartoota tumneessuu fi wal-qixxummaa koorniyaa irratti hojjatan; dubartoota humneessuu,

miidhaa koorniyaa irratti xiyyeeffate ittisuu fi waa'ee mirga dubartootaa fi wal-qixxummaa koorniyaa beeksisuufi dhiibbaa uumuu irratti gahee gudaa taphataniiru. Yaliin dhabbilee hawaasaa (CSOs), dhabbilee fedha ooltummaa fi gargaarsa qaamota mootummaatiin GGI bara 2020 diphisuun danda'ameera. Waggoota shanan darban keessatti wal-qixxummaa koorniyaa irratti bu'aaleen jajjabeessoo galmaa'anis humneessuu fi wal-qixxummaa koorniyaa galmaan ga'uuf taatota fedha ooltota hundarraan yaalii hedduutu eegama, keessattuu naannawa baadiyyaa fi iddoolee dhaqqabuuf rakkisoo ta'anitti.

# Moojuulii 4: Koorniyaa fi Jaarmiyaalee

## Kaayyoo Barnootaa

*Xumura kutaa kanaatiin booda, hirmaattonni:*

*the end of this module, participants will be able to:*

- *Wal-qixxummaa koorniyaa dhaaba tokko keessaa hubachuu*
- *Koorniyaa akka dhimma bulchiinsaa fi dhaabaa hubachuu*
- *Barmaatilee dhaabbilee koorniyaa xiyyeeffatoo keessatti gufuulee dhokatoo fi ifaa addaan baasuu*
- *Aadaa dhaabbilee koorniyaa xiyyeeffatoo ijaaruuf tooftaalee uumuu danda'u.*

## Seensa

Kutaan kun, wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuu keessatti session deals with the role of organizations in ensuring gender equality. Specifically, the importance of gender-sensitive organizations for ensuring gender equality, explain the practical steps to be taken to ensure gender equality in the workplace is briefly discussed in the module.

## 4.1. Jaarmiyaalee fi Koorniyaa

### Barruu 4.1. Jaarmiyaalee fi Koorniyaa

Yaadni qorannoo jaarmiyaa, seerotni fi danbiiwwan al-idilee fi dhoksaa jaarmiyaa tokkoo, jaarmiyicha sirriitti beekuuf baay'ee barbaachisaa akka ta'an ibsa. Jaarmiyaaleen akka maashinaa seerota dhaabbataa ta'an qofaan kan socho'anii miti; garuu, qaamota humnoota murtaa'oo fi danbiiwwan hin barreeffamne, kan aadaalee jaarmiyaatiin ibsamaniin adeemsifamanii dha.

Qabiyyeen ijoon aadaa jaarmiyaa tokkoo kan oolmaa guyyaa guyyaatiin kan raawwataman, hojjatoota dhaabbatichaatiif kallattii waliinii kan kennan fi bu'aalee leenjiif barnoota keessoo waan ta'aniif dhokatoo dha. Akkasumas ilaalcha addunyaa tokko qabsiisu.

Namootni dhuunfaa aadaa jaarmiyaa tokkoo beekanii (qophaa'anii) hin baran, garuu adeemsaa hawaasummaatiin ofitti fudhatu. Kun immoo fooyya'iinsi jaarmiyaa tokkoo argamuu danda'u, aadaan jaarmiyichaa tilmaama keessa yoo gale qofaa dha.

Misoomni koorniyaa irraa walaba miti: hanga yeroo dhihoottti dhiiraaf ture kan hojjatamu. Jaarmiyaaleen koorniyaa irraa walaba miti: garuu akkaatuma hawaasni koorniyeeffametti koorniyeeffamu: dhiiratu irra caala. Fakkeenyaaf, qoodiinsi hojii koorniyaa bu'ureeffate jaarmiyaalee keessatti ni jira, kunis hawaasicha akka walii galatti calaqqisa: dhiirri murtee kennuu keessatti, iddoolee diidaa jaarmiyichaa keessatti ol caaluu barbaadu (fkn, dura bu'ummaa), dubartootni immoo gara dhuunfaaatti, gara iddoolee keessootti (akka gargaartuu, barreessituu, mana kitaabaa, bilcheessuu fi qulqulleessuu). Caasaaleen keessoo fi sochiiwwan koorniyeeffaman bu'aalee fi namoota koorniyeeffaman, saalli isaanii kan fedhe ta'us, bu'aalee jibba koorniyaa qaban fidu.

Gama kanaan, caasaaleenis fedhiilee dhiiraa fedhii dubartoota irra calchisanii fedhii dhiiraa guutuuf tattaafatu. Adeemsa gara aangoo fi jaarmiyaatti godhamu keessatti warreen dhiiraa caalaa, dubartootni mala addaa qabaachuu danda'u, haa ta'u malee dubartootni jaarmiyaalee makamoo keessa jiran caasaalee fedhii dhiiraa bu'ureeffatanii dhiiraan kalaqaman waliin hojjachuu qabu, akkasumas jaarmiyaaleen dubartootaas haal siyaasaa fi mootummaa abbootii keessa hojjachuuf dirqamu. Jaarmiyaan tokko waa'ee koorniyaa hubannoo qabaachuu danda'a, garuu wal-qixxummaa koorniyaa galmaan ga'uuf rakkooleen isa muudachuu danda'u, sababni isaas dursee kan caaseeffame waan ta'eef. Kanaafuu, jijjiiramni caasaa fi jijjiiramni aadaa wal-faana deemu.

Barreessituun feeministii Goeez, (1992 & 1995: Longwe, (1995)[6] sochiilee guyyaa guyyaa namootaa akka raawwatoota misoomatti yemmuu raggaastu:

> *"Sababoota wal-simoo hedduuf, gamisni seenaan, gamisni jaaarmiyaalee hojii misooma dhaalu, gamisni immoo haalqara aadaatiin, bulchiinsa misoomaa... caasaa cimaa koorniyeeffame fi aadaa iddoo hojii amala dhiiraa qabu akka horatan irraa eegamuu danda'a" (*Goeez, *1992:11)*[7]"

---

[6]

[7] Habazettl, H.,(1992). Dilation of coronary microvessels by adenosine induced hypotension in dogs.

Hayyootni tokko tokko, gatiileen jaarmiyaa, tooftaaleen bulchiinsa fi akkaataan hojii gamisni uumaman kan dhiiraa, kaan ammoo uumamaan kan dhalaa ta'u: fakkeenyaaf, galmi dhaabbata tokkoo yookin, aadaan sochii irratti hundaa'e kan dhiiraati, miira bulchiinsaa hawaaseessuun ammo kan dhalaati.

Ilaalcha misoomaa adda addaatiin qofa osoo hin ta'iin, fedhiilee qabatamoo fi tarsiimawoo irratti hundaa'uun dhiirrii fi dubartootni tooftaa bulchiinsa garaa garaa akka qaban hubannoo keessa galuu qaba: fakkeenyaaf dubartootni sa'aatii hojii jijijjiiramaa filachuu danda'u, sababni isaas gidduutti hojii mana keessaas xumuruuf kan yaalan isaan waan ta'aniif, bilisummaan dhiirri hojii mana keessaa irraa qabu yeroo hojii dhaabbataa ta'e waliin akka dorgoman isaan dandeessisa. Gama biraatiin maqaa balleessuu dhabamsiisuu qabna; bulchiinsa hawaaseessuun kan dhalaati yookin (faallaa kanaa) jechuun fakkeenyaaf, ilaalcha koorniyaa nama dhuunfaa gara gurra ummataatti fiduu akka ta'etti ilaalamuu danda'a.

Ergasii hoo, jaarmiyaaleen koorniyeeffaman jechuun maal jechuu dha, adeemsii bu'aa isaanii, caasaan, aadaa fi sochiileen isaanii, itti gaafatamummaa fi haalli haamilee kennuus koorniyeeffamoo dha jechuu dhaa? Kana jechuun, wantootni kun hundi wanta adda ta'e tokko dhiiraaf dhalaaf agarsiisu jechuudha: caasaa jaarmiyaa keessatti dhiiraa fi dubartiin adda addummaan taa'an: aadaan jaarmiyichaa dhiiraa fi dubartii irratti haala adda addaan hojjata: hojiin dhiirri fi dubartiin hojjetan ulfina adda addaa qaba, yokiin hiikkaa adda addaas kennamuu fi danda'a, gitni hojii dubartootaa, mata-dureen xiyyeeffannaa, yeroo tokko tokkos tooftaan bulchiinsaa baay'ina gahee dhuunfaa isaani fi sochii isaanitiin hiikkaan kennamaaf jechuu dha.

## 4.2 Barbaachisummaa Bulchiinsa Koorniyaaf Dursa Kennee

### Barruu 4.2 Bulchiinsa Jaarmiyaa Keessatti Sababoota Koorniyaaf Dursa Kennuu

Tokkoffaa haqa hawaasummaa keessatti,eenyu akka mo'atuu fi mo'amu addaan baasuuf akka akeekkachiisa naamusaatti, xiyyeeffannaa kallattii barbaaduuf. Baay'ina, iddoo fi yeroo adda addaatti, carraa itti fayyadama qabeenya hawaasaa fi aangoo murteessuutiin dubartootni dhiiraan mo'atamuu danda'u. Kanaan caalas, dubartootni akka oomishtootaatti nyaataa, akkasumas kallattiin ala galii ooyruu irraa argamu,

jireenya maatii sanaa murteessuu dhiheessuuf dirqama qabu. Kanarraan kan ka'ees, fuulaa fi sadarkaa hiyyummaa murteessuu keessatti, yaaliin, dandeettiin fi hamileen isaanii baay'ee cimaa dha.

Lamaffaa, invastimantiin dubartootaa gara gabaatti jijiiramuu caalaa gara nageenyummaa maatiittii jijjiiramuuf carraa qabu.

Second, investments in women have a greater tendency to translate into increased household well-being than into consumption. Hawaasa keessatti, tokkummaa, waarawa fi dandeettii jaarmiyaa xixiqqaa uumuuf dubartootni giddu galaa dha; faayidaalee dhaabbataa kan hojiilee misoomaa irraa argaman mirkaneessuuf, kanneen armaan olii hundi haala barbaachisoo dha.

Firiin kennuun dubartootaa, sadarkaa baay'ina ummataa yeroo dheeraa murteessa. To'annaan isaan wal-hormaatarra qaban, guddina dinagdeef fooyya'ina galiitiif akka ka'umsaati. Gabaabinaan, jaarmiyaa tokkof, fedhii fi iddoo dubartootaatiif xiyyeeffannoo laachuu dhabuu jechuun bu'aa dhabeessummaa filachuu jechuu dha.

Walumaagalatti, sababoota armaan gadiitiin koorniyaan dhimma ijoo jaarmiyaalee fi bulchiinsa ta'aa jira:

- *Wal-caalmaan koorniyaa yeroo hedduu qabiyyee, aadaa, adeemsaa fi sagantaalee jaarmiyaalee keessatti hammatama*
- *Wal-caalmaan koorniyaa jaarmiyaalee, yeroo hedduu uumamaan amalootaa fi haala hojii dhiiraatiif dursa kennu, akkasumas miidhama amalootaa fi haala hojii dubartootaa/feministi dursa kenna.*
- *Jijjiiramootni jaarmiyaa wal-qixxummaa koorniyaa deeggaruuf godhaman, gahee dhiiraa fi dhalaa irratti, akkasumas hariiroo isanii irratti jijjiirama fidu.*
- *Wal-qixxummaan koorniyaa, oomishtummaa, dandeettii fi turtii yeroo dheeraa dhaabbatichaa jajjabeessa, sababni isaas koorniyaan dhimmootaa fi caasaalee dhaabbatichaa hunda waan tuquuf*
- *Wal-qixxummaan koorniyaa jaarmiyaa tokko keessatti wanta milkaa'uu danda'u, fi yeroo dheeraanis bu'aa gaarii kan argamsiisu dha.*

Jaarmiyaaleen kana milkeessuudhaaf xiyyeeffannoo kennuu fi tarkaanfii qabatamaas fudhachuu qabu. Kanneen armaan gadiitiif xiyyeeffannoon kennamuu qaba:

- *Galmootni jaarmiyaa, yaadaa fi galmootni waliigalaa wal-qixxummaa koorniyaatiif xiyyeeffannoo kennuu qabu.*
- *Tooftaaleen bu'aa jaarmiyaa dhimmoota wal-qixxummaa koorniyaa mul'isuu qabu.*
- *Caasaaleen jaarmiyaa yemmuu hundaa'an, dhimmoota wal-qixxummaa koorniyaa tilmaama keessa galchuu qabu.*
- *Tooftaaleen bulchiinsaa sirriitti filamuu fi dhiiraa fi dhalalle akka hirmaatan dandeessisuu qabu.*
- *Tartiibni hojii hojjattoota dubartootaa, kan hojii manaa isaanii kan dhuunfa irra dabaru yoo ta'e, fakkeenyaaf, tarkaanfii hawaasummaa yookin tarsiimoo hawaasummaa (barnoota, fayyaa, piroojektoota galii argamsiisoo xixxiqqaa) irratti hirmaachuuf dirqama yoo qabaatan, osoo abbootiin hojiilee dinagdee gurguddoo irratti hirmaatan.*
- *Qophii qabatamaa, iddoo fi yeroo, kanneen akka iddoo/akkaataa biiroo: dhiheessa/wixinee kutaalee soorataa fi mana fincaanii; dhiheessa kunuunsam ijoollee; jijjiiramuu sa'aa hojii. Dhiheessa hayyama da'umsaa, kan haadhaa kan abbaa, barbaachisoota imalaa akka qabiyyee hojiitti. kkf*
- *Haala ibsama dubartootaa (hariiroo dura taa'aa fi hojjatootaa, yookin hojjatoota dhiiraa fi dhalaa sadarkaa adda addaa, miidhaa gudeedaa)*
- *Fakkiiwwanii fi mallattoolee qoodama koorniyaa morman osoo hin ta'iin jajjabeessan.*

## 4.3 Mallattoolee Jaarmiyaa Koorniyaa Fuulleeffatoo

### Barruu 4.3 Jaarmiyaa Koorniyaa Fuulleeffatoo

Kanneen armaan gadii, amaloota ijoo jaarmiyaa wal-qixxummaa koorniyaa kabajuu yookin koorniyaa fuulleeffachuu isaa agarsiisabiidha.

- **'Boca' Dhaabbatichaa**, akkaataa qoodama aangoo murtee kennuu. Jaarmiyaaleen dimookraatawoo ykn hirmaachisoo yeroo hedduu koorniyaa fuulleefatoo dha. Haala wall-qixaan hirmaannaa dhiiraa fi dhalaa bal'aa barbaadu.
- **Madaala hojjattoota dhiiraa fi dhalaa**: kana jechuun lakkoofsa dhiiraa fi dhalaa bulchiinsaa fi imaammata irratti murtee dabarsuu danda'aniiti.
- **Amalaa fi aadaa Dhaabbatichaa**: aaadaa jaarmiyaa dhiira irra aansu keessatti, dhiira waliin wal-qixa ilaalamuuf dubartootni dubartummaa isaanii lagachuu qabu.

Hojiilee guyyaa guyyaa dhaabbata dubartootaaf mijaawaa

Agarsiistotni jaarmiyaan tokko dubartootaaf mijaawaa ta'uu isaa ittiin saffarru aadaa irratti kan hundaa'anii fi hiikkaa adda addaas kan qabaachuu danda'anii dha. Haa ta'u malee, agarsiistotni armaan gadii akka akeeka waliigalaatti fudhatamuu danda'u.

- Meeshaalee gamoo irratti agarsiifaman, fknf., fakkiiwwan, beeksisootaa fi meeshaalee giraafiksii biroo, beeksisootni wal-ga'ii fi sochiilee dubartoota kabaja dhabamsiisuu hin qaban.
- *Jiraachuu kutaalee barbaachisoo akka mana fincaanii, kunuunsa da'imaa fi dhiheessa geejjibaa.*
- *Dhiirrii fi dubartiin waa'ee saala biraa qoosa fokkisaa hin qoosan,*
- *Garaagarummaan amalootaa dhiiraa fi dhala gidduu jiran, akka jabeenya dhaabbatichaatti ilaalaman,*
- *Dhiheessa qophiilee hojii, kan hojii waajjiraa fi hojii walhormaataa /dirqamoota kunuunsaa wal-simsiisuu danda'an, kan akka sa'aatii hojii jijijjiiramuu danda'u fi dhimmoota hayyamaa fi kkf*

## 4.4 Jaarmiyaa Koorniyaa Fuulleefatoo Uumuu

### Barruu 4.4: Jaarmiyaa Koorniyaa Fuulleefate Yaaduu

Jaarmiyaa tokko koorniyaa fuulleeffatoo fi wal-qixxummaa koorniyaa kan kabaje godhuuf, Kanneen armaan gadii amaloota barbaachisoo ta'uu danda'u.

- Wal-qixxummaan koorniyaa; jechoota ergamaa, kaayyoo waliigalaa fi imaammata dhaabbatichaa keessa qofa oso hin ta'iin, qajeelfamoota keessoo, kanneen akka

adeemsa qaxarrii, danbiiwwan fi haalota hojjatoota keessattis qabxii olaanaa ta'uu qabu.

- Qajeelfamoota akkanaa hojiitti hiikuuf baajatni/qabeenyi gahaan ramadamuu qaba.
- Itti gaafatamummaan waa'ee dubartootaa imaammata dhaabbatichaa keessa barreeffamuu fi qabataman hojiitti hiikamuu qaba
- Lakkoofsaa fi hiree hojjatootaa keessatti wal-qixxummaan jabaan jiraachuu mala; irra caalmaan ammo hojjatootni dubartootaa, keessattuu hoggantoonni wal-qixxummaa koorniyaaf kutannoo qabaachuu qabu.
- Dhaabbilee xixiqqoo keessatti malee wal duraa duubummaa aangoo hamma wayii dhabamsiisuun hin danda'amu, kunis amala bulchiinsaa jijjiiramaaf qophaa'aa ta'een leenjiif, gargaarsaaf, deebii gaarii kennuuf fi jaalleewwan si'aayessuuf ka'umsa ta'uu qaba.
- Hariiroon hojjataa fi dura bu'aa hamma danda'ame irraa gadee ta'uu hin qabu, banaa, mari'achiisaa fi dhaggeeffataa ta'uu male
- Jaarmiyichi, gita hojii fi carraa koorniyaa wajjiin wal hin qabsiifamne dhiiraa fi dubartootaaf dhiheessuu qaba
- Hariiroo irraan-olee fi mariiwwanii fi yaadota dalgaa fi al-idilee jajjabeessuuf iddoon jiraachuu qaba.
- Tooftaalee fi aadaaleen bulchiinsa adda addaa akka waliin turuu danda'anii, akka madaallii ka fi dhiirrii fi dubartootni adda addummaa isaanii osoo wal hin xiqqeessin akka qoratanii fi ittiin fayyadaman, aadaalee fi tooftaalee bulchiinsaa gidduu daangaan jiraachu mala.
- Bulchiinsi, dirqama dhimma koorniyaa murtaa'e wajjiin gareewwan koorniyaa fi miseensota dhaabbatichaatiif gargaarsa ifaa godhuu qaba.
- Itti fayyadamni aangoo murtee kennuu dubartootaa caasaa dhaabbatichaa keessatti ijaaramuu qaba, akkasumas waliigalteewwanii fi qophiilee kallattiin alaa irratti hirkachuu hin qabu, kanaafuu itti fayyadamni aangoo murtee kennuu dubartootaa fedhii qaamolee dhuunfaa irratti hin hundaa'u.
- Jaarmiyaan, gahee uumamaa fi daa'ima godhachuu dubartootaa fi gahee hawaasummaa abbaan manaa isaanii mana keessatti kunuunsa daa'imaatiif qabu

akkasumas gahee fi dirqama walhormaataa fi kunuunsaa kanneen biro (fknf., namoota dhibamaniif, namoota miidhaa qaamaa qabaniif, fi jaarsaaf jaartiif), dhiirrii fi dubartiidhaan hariyaadhaaf, firaaf fi miseensota hawaasatiif godhamu of keessatti qabachuu qaba.

- Dhaabbatichi dubartootmiqofa osoo hin ta'iin namni hundi kan ittiin gammadu, dandeettiin olaanaa namootaa kan beekkamtii ittiin argatuu fi hojiirra oolu ta'uu qaba.

## 4.5 Xiinxala Koorniyaa Jaarmiyaa

### Barruu 4.5 Xiinxala Koorniyaa

Odeeffannoon haalaa fi ilaalcha dhiiraaf dhalaa, aadaa jaarmiyaa koorniyaaf deebii kennu ijaaruuf bu'uura gahaa hin kennu. Dhimmoota koorniyaatiif deebii kennuu irratti, milkiin imaammata koorniyaa, fuula guddaa fakkii fi qulqulina dhaabbatichaa karoorsuu fi raawwatu irratti hundaa'a. kanaafuu, qaama xiyyeeffannaa xiinxaluun dabalataan, jaarmiyaaleen gaaffilee koorniyaatiif deebii kennuu isaanii fi akkamitti akka kennan ilaaluun barbaachisaa dha.

Xiinxalli koorniyaa jaarmiyaa, sochiilee guddinaa keessatti mirgaa fi carraa wal-qixaa dubartootaaf kennuu irratti fedhii fi dandeetti dhaabbatichaa qorata. Akkasumas sababoota alaa kan raaawwii dhaabbatichaarratti dhiibbaa fiduu danda'an.

Kanneen armaan gadii tooftaa hirmaannaa dubartootaa fi dubartoota humneessuu dagaagsuu fi hojiirra oolchuudhaaf fedhii fi dandeettii dhaabbata tokkoo xiinxaluuf faayida qabeessa ta'uu danda'u.

- Dhimmoota koorniyaa kaasuuf gosaa fi **dandeettii waliigalaa** dhaabbatichaa,
- Carraalee fi mirgoota walqixaa dubartootaaf kennuu irratti imammata qabu.
- Carraalee fi mirgoota walqixaa dubartootaaf kennuu irratti tooftaalee fi sochii dirree irraa.
- **Caasaa Jaarmiyaa Isaaa**. Haala dirqamootni, dalagaan fi itti gaafatamummaan qoodaman fi, tamsaasnii qabeenyaa dhiiraa fi dhala gidduu jiru.
- **Imaammata wal-qixxummaa koorniyaa hojiirra oolchuuf humna namaa** qabu. Inni kun baay'inaa fi qulqulina hojjatootaa; kanneen akka, lakkoofsa waliigalaa

hojjatootaa hojii adeemsisuuf, lakkoofsa hojjatoota dubartootaa fi jiraachuu oogummaa koorniyaa irratti xiyyeeffata.

- Imaammata wal-qixxummaa koorniyaa hojiirra oolchuuf **qabeenya maallaqaa fi meeshaa** qabu.
- **Adaan dhaabbatichaa,** naamusaa fi gatii hojjatootni isaa wal-qixxummaa koorniyaa dagaagsuu irratti qaban, aangoo irratti muuxxannoo dubartootaa fi haamilee shoora dubartootaatin ibsama.

# Moojulii 5: Qajeelfamoota Feeminiizimii

## Kaayyoo Barnootaa

Erga kutaa kana xumuranii booda, hirmaattotni:

- *Qabiyyee fi yaada qorannoo feminiiizimii hubachuu*
- *Qajeelfamoota feeminiizimii fi bulchiinsa tarkaanfatoo*
- *Yaada qorrannoo feeministii irraa ka'uun wal-qixxummaa koorniyaa ibsuu*
- *Feminizimii Itoophiyaa keessatti ihubachuu*

  *Danda'u.*

## Seensa

Moojuliin kun, hubannoo waliigalaa qabiyyee, qajeelfamaa fi yaada qorannoo ibsee jira. Akkasumas wal-caalmaa dubartootaa ilaalchaa feeminizimmii irraa ka'uun wal-caalmaa koorniyaa fi hubannaa feeminizimii Itoophiyaa ibsa,

### 5.1. Yaadrimee Feeminiizimii

#### Barruu 5.1 yaadrimee yaada qorannoo feministii

Namootni hedduun dogongoraann yaadni qorannoo feeminizimii dubartootaa fi shamarreen qofa irratti akka xiyyeefatee fi olaantummaa dubartootaa dhiira irratti

fiduuf akka adeemu amanu. Dhugaan isaa garuu yaadni qorannoo feemiziimii yeroo hunda haala wantootni wal-caalmaa, hacuuccaa fi haqa-dhabeessummaajajjabeessan fi uuman baduu danda'aniin addunyaa kana ilaaluu, fi kanaanis dheebuu wal-qixxummaa fi haqaa hojjata.

Haa ta'u malee muuxannoowwanii fi ilaalchi dubartootaa fi shammarenii baroota dheeraaf saayinsii hawaasummaa tiif yaada qoranoo hawaasummaatiin hacuucamaa waan tureef, yaadni qorannoo feeminiizimii hedduun walitti dhufeenyaa fi muuxannoo isaanii fi walakkaan ummata addunyaa, akkaataa nuti dhiibbaa hawaasummaa, hariiroo fi rakkoolee ittiin ilaallu fi hubannuu fi keessatti akka hin hafne agarsiisuuf.

Feeminiizimiin ilaalcha wal-qixxummaa koorniyaa lallabuu fi, adda baasuu fi cunqursaa koorniyaa, umurii, miidhaa qaamaa, dandeettii, sanyii, amantaa yookin saba irratti hundaa'e dhaabuuf kan lallabuu dha. Kanaan booda, garaagarummaa xixiqqoo saala lamaanii qofa irratti kan hundaa'e hin ta'u

Akka **wixinee xiinxala** tokkootti, feeminiizimiin wal-caalmaa aangoo dhiiraa fi dhalaa jaarmiyaalee fi caasaalee hedduu keessa jiru ifatti baasuun yaadrimee abbumaa fi koorniyaa jijjiiruu danda'ee jira. Feeminiizimiin **tooftaa jijjiirama hawaasummaa**, kan humneeffamuu dubartootaatiif gareewwan cunqurfamoo biroof tattaafatuu dha, jijjiirraa aangoo koorniyaa fi dagaagina wal-qixxummaa koorniyaa hojiilee misoomaa hunda keessatti.

Yaadi qorannoo faministii rakkoolee, adeemsotaa fi dhimmoota hawaasaa, baay'ee guddaa ta'anii mul'atan fi ilaalcha yaada qorannoo hawaasummaa dullacha, dhiirri irra caalmaa qaba jedhu irratti ifa dabala.

## 5.2. Wal-caalmaa fi Garaagarummaa Koorniyaa Ija Feeminizimiitiin

### Barruu 5.2: Wal-caalmaa Koorniyaa Ija Feeminiizimiitiin

Yaadni qorannoo feeminizimii tokko tokko, muuxannoowwan dubartootni hawaasa keessatti qaban fi iddoon isaaniif laatamu dhiira irra maaliin adda akka ta'e hubachuuf wixinee xiinxalaa lafa kaa'u.

Fakkeenyaaf, feeministootni aadaa (cultural feminists) dubartootni fi dhiirri dirree hawaasummaa garagaraa qabaachuu isaanitiif sonaalee dubartummaa adda addaa akka sababaatti kaasu. Feministoonni kan biroo ammo gaheen koorniyaa jaarmiyaalee adda addaa keessatti dhiiraaf dhalaaf laatamu, qoodiinsa saala hojii mana keessaa dabalatee garaagarummaa koorniyaa ni ibsa jedhanii amanu.

Feministoonni ajaa'ibaa fi jireenyaa (Existential and phenomenological feminists) hawaasa abbootii keessatti dubartootni hangam akka cunqurfamaa turanii fi "kan biroo" jedhamanii akka baanaman xiyyeeffatu. Faministoonni gamisni kallattiidhaan dhiirummaan adeemsa hawaasumaa keessatti hangam akka dagaagfame fi dagaaginni isaas dagaagina dubrummaa (femininity) ijoollee dubraa keessatti jiru waliin akkam akka walqabatu xiyyeeffatu.

Wal-caalmaan koorniyaa, adeemsa hawaasummaa dhiirrii fi dubarri walqixa ittiin hin ilaalamnee dha. Ilaalchi kun dhorka baayoloojii, xiin-sammuu ykn safuu aadaa irratti hundaa'e irraa madduu danda'a.
Gender inequality is the social process by which men and women are not treated equally. The treatment may arise from distinctions regarding biology, psychology, or cultural norms prevalent in society. Dhorka kanneen keessaa gamisni ifaan sararamanii jiru, kaan ammo hawaasaan ijaaramanii argamu.

Wal-qixxummaan koorniyaa fi feeminizimiin sadarkaa hawaasummaa adda addaa keessatti mirga dubartootatiif mormuudhaaf hojiirra oolaa turanis, garaagarummaa galmaa, hiikkaa, adeemsaa fi ilaalcha mirga qabu. Tokkummaa fi garaagarummaa feminizimii fi wal-qixxummaa koorniyaa gabatee 5.1 armaan gadii keessatti ibsamanii jiru.

**Gabatee 5.1: Wal-madaallii Feminizimii fi wal-qixxummaa koorniyaa**

| Amaloota | Feminiizimii | Wal-qixxummaa koorniyaa |
|---|---|---|
| **Hiikkaa** | ▪ Deeggarsi mirga dubartootaa wal-qixxummaa koorniyaa irratti hundaa'a<br>▪ Saala adda addaa gidduutti wal-qixxummaa uumuu fi | ▪ Nama hundaaf, saala isaanirratti osoo hin hundaa'in carraa fi mirga walqixaa laachuu dha |

| | | |
|---|---|---|
| | hojiirra oolchuu, yeroo hedduu gama dubartootaatiin | |
| **Galma** | ▪ Dubartootaaf carraalee hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa dubartootaaf uumuu | ▪ Nama hundaaf fi koorniyaa hundaaf mirga walqixaa mirkaneessuu |
| **Mirgoota** | ▪ Feminiizimiin mirga koorniyaa dhalaatiif qofa yaadda'a | ▪ Wal-qixxummaan koorniyaa, koorniyaa isaanii malee mirga nama hundaaf yaadda'a |

Maddi: [8] Brown, Sarah. 2019

.

## 5.3. Yaada qorannoo Feminiizimii Adda Addaa

### Barruu 5.3. Yaadawwan Qorannoo Feeminiizimii

Feeminiizimiin hangii sochiilee hawaasummaa, siyaasaa fi yaadaa, kan wal-qixxummaa siyaasaa, dinagdee, dhuunfaa fi hawaasummaa saalaa ijaaruu fi hiikkaa kennuu galma godhatee dha. Feeminiizimiin ilaalcha hawaasni yaada dhiiraatiif ittiin dursa kennu fi akkaataa dubartootni cinaatti qabamanii ilaalaman walqabsiisee ilaala. yaaliiwwan jijjiirama faallaa–jibba-koorniyaa ta'anii mormuun, carraalee fi bu'aa barnootaa, oogummaa fi walitti dhufeenyaa dhiiran qixa ta'an dubartootaaf uumuu dabalata.

Sochiileen feminiizimii mirgoota dubartootaat; mirga filachuu, biiroo mootummaa argachuu, mirga hojii, miindaa walqixaa, qabeenya dhuunfaa, mirga barachuu, waliigaltee uumuu, gaa'ila keessatti mirga walqixaa qabaachuu, fi mirga hayyama da'umsaatiif qabsaa'aa turaniiru, qabsaa'aa jiru; akkasumas fi dubartootaafi ijoollee dubaraa gudeedaa fi miidhaa qaamaa mana keessaa irraa eeguuf carraa ulfa addaan kutuu fi ijaarsa hawaasummaa mirkanneessuuf.

Yaadni qorannoo feeminiizimii, hiikkamuu feeminiizimii gara galmee hog-barruu, falaasamaa fi yaadrimeetti. Amaloota wal-caalmaa koorniyaa hubachuu galma godhata.

[8] Brown, Sarah. "Difference Between Feminism and Gender Equality." Difference Between Similar Terms and Objects, 24 June, 2019

Shoora hawaasummaa, muuxxannoo, fedhii fi dirqama dhiiraaf dhalaa, akkasumas siyaasa feeminiizimii dirree adda addaa, kanneen akka antirooppoloojii, soosiyooloojii, kominiikeeshinii, qorannaa miidiyaa, xin-sammuu qorata. Yaadni qorannoo feeminiizimii adda addaa akka armaan gadiitti gabaabfamanii jiru:

1. **Yaada Qorannoo Feeministii Liberaalaa:** feministiin liberaalaa akka armaan gadii aman,
   - Maddi wal-caalmaa koorniyaa inni ijoon "adeemsa hawaasumaa" ti (adeemsa barnootaa karaa ittiin beekumsaa, dandeettii fi hamilee hirmaannaa hawaasummaa ittiin argattu)
   - Naannawni akkaataa jireenya dubartootaa qaran qajeelfamootaa fi jibboota (dhiiraa fi dubartootaan kan adeemsifaman), kan dubartoota hojii alaa irraa akkasumas mirga galii argachuu fi dhiiraan wal-caalmaa qixa jiraachuu irra dhorkan.
   - Dubartootni mirga barnoota sadarkaa olaanaatiif, iddoo oogummaa seenuuf, mirga qabeenya horachuu fi biiroo argachuuf fi mirgoota mallattoo lammummaa guutuu argachuuf falmatanii jiru

- **Yaada Qorannoo Feeministii Sooshaalistii:** hariiroo dhiiraa fi dhalaa irratti ciminaan hojjata. Yaadni qorannoo kun hariiroon walcunqursuu dhiiraaf dhalaa, salphumatti kan sadarkaa hawaasaa irraa baramee miti. Walitti dhufeenyi cunqurfama saalaatiif sadarkaa ilaalamuu qaba.

Feministootni yaada qorannoo sooshaalistii tokko tokko hariiroo kaappitaalistii fi mootummaa fi fuula dhuunfaa maatii tokkoo xiinxaluun akka armaan gadiitti morman

a) Kaappitaalizimiin garaagarummaa gatii uumee jira;

b) Hawaasa keessatti daangaan haawaasaa fi dhuunfaa jiraachuun isaa hariiroo dhiiraa fi dhalaa walqixa hin taane umrii dheereessa.

2. **Yaada qorannoo feeministii raadikaalii:** yaadni qorannoo kun ilaalchota ciccimmoo armaan gadii of keessatti qabata:

- Wal-caalmaan koorniyaa haala qabeenya dhiiraa fi dubartootaa irraa madda.
- Akkuma Maarksiizimiin galmi kallattii gaa'ila nama tokko qofa waliin adeemsifamu, abbaa manaa nama olaanaa maatii sana godhuufii dha jedhee morma, dhaaltonnis ijoollee isarraa dhalatan qofa ta'u
- Galmi gaa'ila akkanaa dubartootni maxxantoota dhiira akka ta'an godhuufi. Aangoo dhiiraa humna isaan dubartoota walqunnamtii saalaan to'achuu danda'an fi to'annaa itti fufaa adeemsisuuf.

3. **Yaada qorannoo feeministii adda addummaa**

Akka yaada qorannoo kanatti:

- Feeminiizimiin adda addummaa, qabiyyee feeminizimii garaagarummaa dhiiraaf dhalaa irratti bal'inaan xiyyeeffateedha. Adeemsi kun baroota 1980n fi 1990n keessatti amaloota lalaafoo aadaan kan dubaraa jedhamanii yaadaman; jala galtummaa, kunuunsa, miiraa fi namaaf yaaduu; kanneen kanaaf ulfina kennuuf uumame.
- Adeemsi kun dogongora ilaalchaa saayinsii fi teeknoloojii keessa ilaalamu, kan dubartootaaf dhiifaman yeroo tokko tokko "akkaata barnoota dubartootaa" jedhamuun waamaman addaan baasa. Feeminiziimn addaaddummaa 'essentialist' jedhamee mormama. Dhiirummaa fi dubrummaa seenaa babbareeechuun jibboota tarsiimawoo keessa galchuu danda'a jedhamee qeeqama.
- Adeemsi ku, dubartootnii fi dhiirri sadarkaalee fi aadaa adda addaa keessa jiraatan ilaalchaa fi sona adda addaa akka qaban dagata.

- **Yaada Qorannaa Cunqursa Koorniyaa:** yaadni qorannoo kun, yaadota wal-caalmaa koorniyaa fi garaagarummaa koorniyaa caala, dubartootni dhiira waliin walqixxummaa dhabuu qofa osoo hin ta'iin, garuu itti fufiinsaan ni cunqurfamu ni dhiiraan reebamus jedhee morma. Yaadota qorannoo cunqurfamuu koorniyaa lamaan: feeminiizimii xiin-sammuu fi feeminiizimii raadikaalaa keessatti aangoon qabiyyee isa ijoo dha.

- Feministiin xiin-sammuu, yaadota miira ilmaan namaa, guddina ijoolummaa fi hojiilee sammuu dammaqaa fi hin dammaqnee Sigmond Firuud irra deebi'ee shaakaluun hariiroo aangoo dhiiraaf dhala gidduu ibsuuf yaala. Dammaqina sammuutiin oomishtummaa fi walhormaata sirna abbumaa guutuun ibsuun hin danda'amu jedhanii amanu.
- Feeministoonni raadikaalaa, dubartii ta'uun ofii isaatiin bareeda ta'uu isaa dubbatu, kun garuu hawaasaa abbootii dubartootni ittiin cunqurfamaniin beekkamtii hin arganne jedhanii mormu. Miidhaa qaamaa akka bu'uura sirna abbootiitti ibsu. Akkasumas, dubartootni yemmuu jabeenyaa fi gatii isaanii beekan fi amantaa obbolummaa dubartoota biroo waliin uuman, cunqursa sirriitti yoo morman, fi walitti dhufeenya dubartootaa seera qabeessa ijaaran sirni abbootii ni mo'ama jedhanii yaadu.

4. **Yaasa Qorannoo Cunqunsaa Tarsiimawaa:** miidhaan dubartootaa fi wal-caalmaan sababa kaappitaalizimii, sirna abbootii fi gosummaa irraa madda jedhanii yaadu. Feeministootni sooshaalistii yaada Kaarl Maarks fi Firederik Engils, humni hojjataa faayidaa kaappitaalizimiitiif bitama jedhu deeggaru. Bittaa kana hanga kutaa hawaasaa qofa osoo hin ta'in hanga koorniyaatti diriirsanii ilaalu.

5. **Yaada Qorannoo Wal-Keessa-Kutaalee:** cunqursaa fi wal-caalmaa; sadarkaa, koorniyaa, sanyii, gosa fi umurii dabalatee, qabiyyee adda addaa keessatti ibsa. Dubartootni hundi cunqursa gosa tokkoo keessa akka hin dabarre, akkasumas humnootni dubartoota cunqursuuf hojjatan miseensota garee cunqurfamoo fi namoota bifa gurraachaa (people of color) akka cunqursan ibsa kennu.

Cunqursaan tarsiimawaa dubartootaa inni tokko, kallattiidhaan kan gosa dinagdee, wal-caalmaa galii hawaasa keessaa jajjabeessa. Dalagaa walfakkaatuun dhiirri dhala caalaa galii addaan hin cinne argata.

Haala kanaratti ilaalchi wal-keessa-kutaalee, dubartootni bifa gurraachaa fi dhiirri bifa gurraachaa dhiiraa adii waliin yemmuu ilaalaman irra caala miidhamu. Gara dhuma jaaraa 20ffaatti, sodaan yaada feeministii, adeeemsii giloobaalayzeeshinii kaappitaalistootaa fi tooftaaleen oomishaafi kuufamni qabeenyaa, dubartoota addunyaa irra jiran hangam akka miidhu yaadda'uu gahee ture.

## 5.4. Qajeelfamoota Feeminiizimii

*Barruu 5.4. Qajeelfamoota Feeminiizimii*

Feeministootni fi deeggartootni mirga dubartoota addunyaa wal-qixxummaa koorniyaa dagaagsuu keessatti tarkaanfii guddaa kaa'anii jiru. Sadarkaa jiru jijiiruu keessatti tooftaalee abshaalaa fi kalaqaa fayyadamaniiru. Wal-qixxummaa koorniyaa mirkaneessuuf feeminiizimii hojiirra oolchuu keessatti, kanneen armaan gadii qajeelfamoota bu'uuraati:

1. **Jijiirama Tarkaanfataa Deeggaruu**: kaayyoon tooftaalee feeministii jijjiirama tarkaanfataa argamsiisuu dha. Jijjiiramni tarkaanfataa jijjiirama waarawaa yeroo dheeraa turu, fi guutumaan guutuutti dabarsa aangoo fi wal-caalmaa tarsiimawaa kan mormuu dha.
2. **Humnaa fi deeggarsaa Tilmaama keessa galchuu**: Adeemsi kun, sirna abbootii, sirna aangoo, akka addunyaatti sirna walcaalmaa humnaa jajjabeessu ta'uu isaa ifa godha.
3. **Taatota Mirga Dubartootaa Giddu Gala Hojii Keenyaa Godhuu:** feminiizimiin, taatota mirga dubartootaa giddu gala hojii keenyaa godhuun, jaarmiyaa keenya jajjabeessuus, sagalee isaanii dhageessisuu fi sagantaalee isaanii gargaaruu.
4. **Hiikaa fi Walxaxiinsaaf Kabaja:** hojii mirga dubartootaa fi wal-qixxummaa koorniyaa keessatti xiinxala feeministii hiika kennu, tooftaalee hiikaa qaban ibsuuf
5. **Adda addummaa kabajuu fi adda-baasuu adeemsa wal-keessa-kutaaleetiin mormuu:** Adeemsi feeminiizimii xiinxala feministii keessatti ilaalchota adda addaa walkeessa fayyadamuun, eenyumaa adda addaa namootaa fi karaa aangoo isaan shaakaluu danda'an (fi hin dandeenye) qaramu.

6. **Anaan male, Homaa waa'ee koo-** aadeemsa feeministii hariyoota waliin fi hawaasa waliin hojiirra olchuu jechuun, dallaalota keessaa baasuu fi, dubartootnii fi jaarmiyaaleen isaanii adeemsa murtee kennuu kennuu isaan ilaallatu irratti hirmaatan jechuu dha.
7. **Hin Miiidhin:** adeemsa feeministii balaa shallaguu, eegumsi fi kunuunsi yeroo hundaaakkaataa safuun koorniyaa ittiin wal-caalmaa uume fi dubartootni hojjatootaas ittiin miidhaman godhe tilmaama keessa galch
8. **Jijjiirama Tarkaanfataa Fiduuf Beekumsa Deeggaruu**: adeemsa gara beekumsa uumuu, akkaataa beekumsi itti uumamu, tamsaasamu fi faayidaa irra oolu, haala tarkaanfataa dhaan moo haaluma jiru ittii fufsiisuuf kan jedhuuf beekkamtii kenna,
9. **Jijjiirama Jaarmiyaatiif Kutachuu:** hojii keenya jaarmiyaa keessatti ilaalcha feeministii akka agartuutti fayyadamuu jechuun; jaarmiyaa sona feeministii hojiirra oolchu jechuun maal akka ta'e bulchiinsaaf yoo agarsiisuu hin dandeenye, wal-qixxummaa koorniyaa fi mirga dubartootaa milkeessuu hin dandeenyu

## 5.5. Hubannoo Feeminiizimii Itoophiyaatti

### Barruu 5.5 Feeminiizimii Itoophiyaa Keessaa Hubachuu

Feeminiizimiin danbalii addunyaa irra naannawee yemmuu ta'u, sochiileen feeminiizimii deeggaran baay'ee turan. As Itoophiyaa keessatti, yaadrimeen feeminiizimii hedduu hin beekamu. Itoophiyaa keessatti wal-qixxummaa dubartootaa fi mirga dubartootaa mirkaneessuuf falmiin waan jiruuf, waggoota muraasa darban keessatti, sochiin feeminiizimii inni duraa "Seetaawit", fi gamtaaleen dubartootaa muraasni feeminiizimii deeggaraa fi beeksisaa jiru.,

Akka jecha hayyoota Seetaawit fi (Sochii Keelloo Yunivarsitii Finfinnee Yellow Movement of Addis Ababa University), Itoophiyaa keessatti hubannoon qajeelfamoota feministii sadarkaa jalqabaa irrra argama. Namoota hedduuf feeminiizimii jechuun "mirga dubartootaatif qofa hojjachuu" jechuudha. Knaafuu jaarmiyaaleen akka NEWA jiran; qooda fudhattoota ijoo fi hawaasa keessatti waa'ee yaadrimee, qajeelfamootaa fi kaayyoo feeministii hubannoo uumuu qabu.

Akka addunyaatti, jechi feeminizimii jedhuu, sochii siyaasaa, aadaa fi dinagdee mirga walqixaa fi eegumsa seeraa dubartootaaf godhamu jedhamee ibsama. Akka barreeffamoota adda addaatti, yeroo keessatti, feeministootni Itoophiyaa keessa jiran dhimmoota akka; mirga seera dubartootaa- walii galteewwan, qabeenya, filannoo, kabaja qaamaa, mirga ulfa addaan kutuu fi mirgoota walhormaataa, ittisa ulfaa fi kunuunsa da'umsaan duraa dabalatee, eegumsa miidhaa mana keessaa irraa, gudeedamuu, mirgoota iddoo hojii, hayyama da'umsaa fi kaffaltii walqixaa dabalatee, adda-baasoo dubartoota muudatu hundarraa irratti qabsaa'anii jiru.

Feeminiizimiin Itoophiyaa keessatti namoota adda addaaf hiika adda addaa qabaachuu danda'a. jechi feminiizim jedhu miseensota hawaasa baay'ee keessatti haala sirrii hin taneen hiikama. Hubannooleen gamisni akka armaan gadiitti gabaabfamanii jiru:

- Namootni tokko tokko, feeminiizimiin dubartoota dhiira irra caalchisuuf hojjata jedhanii waan amananiif farra feeminiizimii ta'u. kana jechuun garuu wal-qixxummaa dhiiraa fi dhalaaf morma qaba jechuu miti jedhu.
- Namootni hedduun feeministootni finxaaleessitoota akka ta'an dubbatu, kun immoo aadaa Itoophiyaa ilaalchota sirrii hin taane hedduu qabu keessatti adeemsifamuu hin danda'u.
- Gamisni, sababa ummatni aadaa fi seenaa adda addaa qabuuf, wal-qixxummaan dubartootaa rakkoo miti jedhanii yaadaniif jechi feminiizimii jedhu Itoophiyaa keessatti hojiirra ooluu hin danda'u yaada jedhu kaasu.
- Feeministoonni aadaa, amantaa fi ummata Itoophiyaa waliin waan wal- hin simneef, feeminiizimiin biyyoota lixaa, Itoophiyaa keessa hin hojjatu yaada jedhu dhagahuun haaraa miti. Namootni hedduun ammo as irratti rakkooleen dinagdee jiraachuu isaanii amanu.

Kanaafuu, Itoophiyaa keessatti, ummatni yaadrimee fi kaayyoo feeminiizimii akka hubatu dandeessisuuf hojiileen hedduun hojjatamuu qabu. Gama kanaan, waa'ee feeminiizimii; mariin hawaasaa, leenjiin, sagantaaleen beekumsa uumuu barbaachisoo dha. Kitaabni kun hubannoo fooyya'aa waa'ee feeminiizimii fi barbaachisummaa isaa

uumuuf, fi Itoophiyaa keessatti mirgoota dubartootaa mirkaneessuuf gargaara. Yaadootni qarannoo fi qajeelfamoonni feeminiizimii gara akkaataa Itoophiyaatti hiikamuun wal-caalmaa koorniyaa irratti hojjachuu qabu.

Xumura irratti, feeminizimiin waa'ee dhiirrii fi dubatootni mirgaa fi carraa wal-qixaa qabaachuu dha. Waa'ee muuxannoo, eenyummaa, beekumsa, jabeenya adda addaa dubartoota kabajuu fi dubartootni hundi mirga isaanii guutuu akka argatan humneessuuf tattaafachuu dha. Kanaafuu, qooda fudhattoonni wal-qixxummaa koorniyaa irratti hojjatan hundi yaada qorannoo isaanii dagaagsuu qabu.

# Wabiilee

1. *Gamble, Sarah (2001) [1998]. "Introduction". The Routledge Companion to Feminism and Postfeminism. Routledge. pp. VII. ISBN 978-0-415-24310-0.*
2. *Roberts, Jacob (2017). "Women's work". Distillations. Vol. 3 no. 1. pp. 6–11. Retrieved 22 March 2018*
3. *Brown, Sarah. "Difference Between Feminism and Gender Equality." Difference Between Similar Terms and Objects, 24 June, 2019*
4. *Gender equality ILO, 2020*
5. *Lengermann, Patricia; Niebrugge, Gillian (2010). "Feminism". In Ritzer, G.; Ryan, J.M. (eds.). The Concise Encyclopedia of Sociology. John Wiley & Sons. p. 223*
6. *Moser, C. (1993), Gender Planning and Development: Theory, Practice and Training, Routledge, London, pp. 56-57.*
7. *https://gsdrc.org/document-library/a-transformative-stand-alone-goal-on-achieving-gender-equality-womens-rights-and-womens-empowerment/*
8. *https://knoema.com/atlas/Ethiopia/topics/World-Rankings/World-Rankings/Global-gender-gap-index*
9. *https://www.ilo.org/public/english/bureau/gender/newsite2002/about/defin.htm*
10. *https://www.sociologydiscussion.com/society/development-meaning-and-concept-of-development/688*
11. Habazettl, H., Conzen, P. F., Vollmar, B., Baier, H., Christ, M., Goetz, A. E., ... & Brendel, W. (1992). Dilation of coronary microvessels by adenosine induced hypotension in dogs. *International journal of microcirculation, clinical and experimental*, *11*(1), 51-65.

***------- //------------***

**Dhuma Kitaabichaa**